



“Qonni keenya guutummaan hirkattummaa roobaa jala turuun isaa yaadannoo waggoota dhihooti.”

Pir.MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

Kutaa Qophiitiin

Qonni Naannoo Oromiyaa
hanga yeroo dhiyootti
guutummaan hirkatunna
roobaa jala turuu Pirezidaantiin
Mootummaa Naannoo
Oromiyaa Obbo Shimallis
Abdiisaa ergaa karaa toora
miidiyaa hawaasummaasaniin
Dheengadda dabarsaniin
ibsaniiru.

Akka Oromiyaatti waggoota jaha
dura lafti waliigalaa jallisiif oolu
heektaara kuma 400 kan hincaalle
ture kan jedhan Obbo Shimallis,
jijjiiramaa as mootummaan
gaaffii ummataa gama hawaas-
dinagdeen jiru hunderraa furuuf
tarkaanfii fudhateen jijjiiramni
qabatama argamaa jiraachuu
eeraniiru.

Waggoottan darban qabeenya
bishaanii qabnu fayyadamuuf



pirojektoota jallisiirratti xiyyeeffannoo taasifneen qonni Oromiyaa
seenaa biyya keenyatti fuula haaraa uumuu danda'eera.

Gama kanaan, misooma qamadii bonee addatti kaasuu dandeenya kan
jedhan Obbo Shimallis, bara 2011 facaasaa qamadii bonee lafa hkt.
7,000'n irratti kan eegalle yoota'u, bara 2016 lafa hekt. mil. 2.8 irraan
gahuu dandeenyee turre.

Bara 2017 kanatti ammoo muuxannoo waggoota darbanii qindeessuufi
qophii lafjalee baldhaa taasisuun, lafa hkt. mil. 4 irratti qamadii bonee
misoomsuuf karoorsinee hojjataa jirra; hanga ammaatti lafti hkt. 3 ol

Gara fuula 14tti

Guyyaan Waldaalee Hojii Gamtaa 6^{ffaa} bakka qooda fudhatootni garaagaraa argamanitti kabajamee oole



Masarat Amanaatiin

Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa Guyyaa Waldaalee Hojii Gamtaa
marsaa 6ffaa bakka hooggantootni olaanoofi qooda fudhatootni
garaa garaa argamanitti Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti tibba darbe
kabajameera.

Kabaja kanarratti Ittigaafatamaa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa
Naannoo Oromiyaa Dr. Abdullaaziiz Daawud, Komishiinara

Gara fuula 14tti

Qabeenyi baankichaa qarshii biiliyoona 139fi miiliyoona 700 qaqqabe

Masarat Amanaatiin

Baankiin Hojii Gamtaa
Oromiyaa Yaa'iisaa Waliigalaa
Idilee Waggaa 20ffaa Yaa'ii
Ariifachiisaa 11ffaa Abbootii
Aksiyoona tibba darbe
Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti
gaggeesseera.

Yaa'ii kanaan gaggamni raawwii
baankichaa, filannoon boordii
haaraafi dhimmoota biroorratti
mariyateera.

Dura Taa'aa Boordii Dr. Fiqiruu
Deeksisaa gabaasa raawwii hojii
baankichaa dhiyessaniiru.

Gabaasasaaniin yeroo ammaa
adeemsa dinagdee kan qoraa
jiran keessaa wal waraansa
Raashiyaafi Yuukireenii, waraana
jiddugala bahaafi

Gara fuula 14tti



Barmaatilee dubartootaafi daa'immanirra miidhaa geessisan hambisuuf seeri tumame

Hizqi'eel Tashoomaatiin

Biiron Dhimma Dubartootaafi Daa'imman Oromiyaa sagantaa
miidhaa barmaatilee dubartootaafi daa'immanirra geessisan hambisuuf

Gara fuula 14tti



Gumaata



Qaalluu Maallimoo...

Caalii waan gara Islaamaatti deebi’aniif Maallimni osoo hin darbin hafee jira. Yeroo ammaa kana Siidaan kaa’ameef meeshaalee isaanii durii kanneen akka Gaachanaa, Goraadee, Xofoofi Barcumaa meeshaaleen aadaa durii yeroo ammaa kana mana sanyii warra Maallimaatti argama.

Dur gaafa sirni garaagaraa achitti geggeeffamu faaruwwan adda addaatu faarfataman yoo ta’u har’aaf faaruun Qaalluu Maallimootiif faarfatamu kunooti.

‘Ayyee hoo maree hoo

Maaree Sanyii gootaa maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Jedhee maal na gootaa maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Ilaali sanyii gootaa maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Abudduu koo miilaa maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Utuun qoruu cabdee maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Gurguddoon koo dhiiraa maree hoo

Ayyee hoo maree hoo

Utuun loluu baddee maree hoo

Ayyee hoo maree hoo’

Yommuu mana Qaalluu Maallimoo sanatti siqatan faaruu akkas jedhu eegalu.

‘Ayi gumaa gumaa hooye

Gumaa dhiiraa gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Gumaa gichoo gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Abbaan burree gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Biran bullee gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Kan gunfurree gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooyi

Yaa boqqolloo gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Ija sadii gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Yaa koromtoo gumaa hooye

Ayi gumaa gumaa hooye

Dhirsa yaadii gumaa hooye’ jechuudhaan faarfatu.

Waajjira Kominikeeshinii Godina Iluu Abbaa Boor’tiin

Kana beektuu laata?

Addunyaa kanarratti namoota namoota garaagaraatiin baroota garaagaraa keessatti wanneen jiruufi jireenya ilmoo namaa jijjiiran hedduun kalaqamaniiru. Kanneen keessaa kanneen kanatti aanan kan xuqamanidha.

-Bilbilli harkaan baatamu yeroo jalqbaaf kan hojjetame kaampaanii Motoroolaa jedhamuun bara 1973tti yoo ta’u, yeroo jalqabaaf namni bilbile nama maqaansaa Maartiin Kuuppar jedhamuudha

-Tiivii yeroo jalqabaatiif kan hojjetame biyya Saanfiraansiiskoo jedhamu keessatti bara 1927tti yoo ta’u, nama Filoteler Frinsi worth jedhamuun dizaayinii godhamuunidha.

-Firijiin yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1913 nama lammii Ameerikaa Fried W. Wolf jedhamuuni.

-Konkolaataan Awutoomobiliin yeroo jalqabaaf kan uumame bara 1886 nama Karl Benz jedhamuun yoo ta’u innis miila 3 qaba. Maqaansaas’ Motor wagan’ jedhama

-Kompiitarri dijiitaalaa elektirooniksiin hojjetu yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1937 -1942tti yoo ta’u, namoota lama: John vinsent fi Cleford bery jedhamaniini.

-Kaameraan yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1816 nama Faransaayi ‘Joseph Nisfer’ jedhamuuni.

-Qawween ykn shugguxiin yeroo jalqabaaf kan hojjetame jaarraa 10^{ffaa} keessa biyya chaayinaatti yoo ta’u, maqaansaa Firelanse jedhamuun ture.

-Intarneetiin yeroo jalqabaaf hojiirra kan oole bara 1969 yoo ta’u, namoonni kalaqan Vint kerf fi Bom cahn jedhamanbâiin ture

-Raadiyoon yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1890 keessa nama biyya Xaaliyaanii maqaansaa Goglilmoo Marconi jedhamuun yoo ta’u, maqaansaan Wireless Telegraph jedhama

11,Bilbilli manaa yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1876 nama lammii Ameriikaa kan ta’e Alxsander Girhambel jedhauun yoo ta’u, namni jalqaba bilbila kanaan haasa’es isaanuma

-Elektiriikiin yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara 1752 nama maqaansaa Benjamin Frankiliin jedhamuuni

-Xiyyaarri yeroo jalqabaaf kan hojjetame obbolaawwan lamaan lammii Amerikaa Orvil Right fi Wilver Right jedhamaniin bara 1903tti yoo ta’u, maqaansaas “The Right fly” jechuun moggaasaniiru

-Baaburri yeroo jalqabaaf kan hojjetame bara1804tti nama dhalataa biyya Ingilizii kan ta’e Richard Drevetik jedhamuuni

-Eliikooptarri yeroo jalqabaatiif kan hojjetame bara 1839 nama ‘Egar Sicar Sky’ jedhamuun yoo ta’u biyya USA keessatti hojiirra oole

Kanan dubbiserraa

Badruu Abbaa Biyyaa, Godina Jimnaa Aanaa Saxxammaarraa

Hojiiwwan tajaajila fayyaa...

Ta’us, sadarkaa hawaasni nurraa barbaadamuun tajaajila kana kennuuf bu’aansaa yeroo yerootti madaaluun hanqinootajiran guutuufi deggersawwan barbaachisoo taasisuurratti qaawwi waan jiruuf itti yaadamuuqaba jechuun ibseera Lammiin.

Siistar Marartuu Badhaasaa buufatichatti ogummaa deessisuutiin hojjechaajirti. Duratti haati tokko hordoffiif yeroo afur qofa buufata fayyaa dhufi; amma garuu, yeroo daa’imni garaatti haferraa eegalee yeroo saddeet dhufuunikan hordofamtu jette. Kunis, fayyaan haadhas ta’e daa’ima itti fufiinsaan hordoafamaa waan deemuuf ta’uu dubbatteetti.

Yoo ammaas yoo xiqqaate guyyaatti haadholii 100 oliif hordoffii taasisaa jirra jechuun himteetti.Kutaan tajaajila kana itti kennaa jirru dhiphaafi muraasa ta’uun hawaasa tajaajilaaf dhufu haala barbaadamuun akka hin tajaajille nu danqaa waan jiruuf qaamni dhimmi ilaalu itti yaadee sirreessuu qaba jechuun ibsiteetti.


Daarektarri Buufata Fayyaa Hoolotaa Goosaayee Balaachoo Buufanni Fayyaa Hoolotaa bara 2012 irraa eegaleetajaajilada’umsaa baqaqsanii yaaluu haadholiifkennaa jiraachuu himee,hojii hojjetamaa jiruun bara 2016 darbetti namoota kuma 70fi 400 tajaajila fayyaa waliigalaa buufatichatti argatan keessaa 3112 haadholii tajaajilli hordoffii ulfaa taasifameef ta’uu himeera. Yeroo ammaasji’a tokko keessatti yoo xiqqaate

haadholii ulfaa 250 da’aa keessaa 50’nbaqaqsanii yaaluutiin kan da’an ta’uudubbateera.

Walumaa galatti hojiiwwan Buufanni Fayyaa Hoolotaa tajaajila haadholiifi daa’immanii guddisuurratti xiyyeeffannaa kennee hojjechaa jiru bu’aalee abdiichsoo argaamsiisaa kan jiruudha. Kanas,namoota tokko tokko buufata kanatti tajaajilamaa jiran arginee wayita dubbifnetti, ogeessota buufatichaarraa odeeffannoo arganneefi waan taajjabnerraa argineerra.Kaka’umsiifi kutaannoon ogeessonna buufatichaa hawaasa tajaajiluuf qabanis guddaadha.Haata’u malee, tajaajila kana caalaatti guddisuun itti quufiinsa hawaasichaa guddisuuf kutaaleen itti tajaajilli kennamaa jiru babal’achuufi hanqinni ogeessaa guutamuu akka qabu akkasumas bajanni gahaan Buufatichaaf osoo ramadamee kanneen jedhan gaaffii ogeessota buufatichaati.

Buufatnitajaajilli kennamaafijirukan isaangaammachiise ta’uufi buufatichi gara Hospitaalaatti guddachuufii akka qabu ammoo yaada namoonni buufatichatti tajaajilamaa jiran dubbifne tokko tokko kaasaniidha. Kanaaf, qaamoleen dhimmi kun ilaaluu baay’ina tajaajilamtootaa buufatichaa sirriitti hubachuunhanqinoota ka’an guutuuniifi deggersawwan barbacahisan taasisuufiin hojii hawaasni itti gammade kana caalaatti itti fufsiisuufi guddisuun murteessaadhajenna.

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiyaa@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Waldhabdee mudachaa tureefi mudachaa jiru hundeerraa furuuf falli marii biyyoolessaati!

Akkuma beekamu biyyi keenya Itoophiyaan waggoota jahan darban keessaa adeemsa jijjiiramaa abdachiisoofi gara badhaadhina hunda galeessaatti seenuuf sochii gama maraan taasisaa jirti.

Haata’u malee imala jijjiiramaa kanneen qoraa jiran keessaa, dhimmoota bu’uuraa adda addaa keessumattuu dhimmi waloo biyyaalessaaf baay’ee barbaachisan ta’anirratti, hayyoonni biyyattii gidduutti wal-faallaa dhaabbachuun ni mul’ata.

Kanaaf dimokiraasii hirmaachisaafi tasgabbaa’aa ijaaruu gufuu waanta’uuf marii murteessaadha. Dhimma biyyaalessaa irratti hayyoota gidduutti waliigaltee dhabuun, isaan gidduutti wal amantaa dhabuufi shakkiin adeemsa ce’umsa dimokiraasii garmalee qoreera. Wal faallessuun kuniifi bu’aan isaa isaan bira darbeeyyuu babal’atee hawaasa keessatti rakkoo uumuu akka danda’u ni hubatama.

Waldhabdee kanammoo hundeerraa maqsuun nageenya biyyaafi lammilee keenyaa waaromsuuf falli marii biyyoolessaati.

Mareen biyyoolessaa ajandaalee madda dhibdee biyyaa ta’an irratti walaan mari’achuun furmaata waloos kaawwachuufi. Gaaddisa tokko jalatti yoo mari’anne rakkoowwan ykn qormaatilee alaafi keessaa nu quunnamaniif furmaata waaraa kaawwanna. Garaagarummaa qabnus dhiphisuun tokkummaa biyyummaa qabnu dagaagsina, badii dalagameefis araaraafi dhiifama waliif taasisuun biyya keenya bu’ura cimaarra keenya.

Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti nageenya waarawaafi injifannoo qaqaalii akka sabaattis ta’e akka biyyaatti arganne tikfachuun, kallattii hundaan milkaa’inoota goonfachuuf tattaafachaa jirtuu galma yaadame bira qaqqabsiisuuf garaagarummaa yaadaa qabnu walitti fiduun mari’achuun murteessaadha.

Akka biyyaattis,biyyi keenya Itoophiyaan biyya sabdaneessa, af-daneettii amantaa fi ilaalchota siyaasaa garaagaraa keessummeessitudha. Garaagarummaa hedduu qabaannus biyyi waliinii qabnu tokko waan ta’eef garaagarummaa qabnu mareefi marabbaadhan dhipisnee tokkummaa keenya cimsachuun biyya nageenyi itti mirkanaa’e gochuun itti gaafatamummaa hunda keenyaa ta’uun hubatamuu qaba.

Maree biyyoolessaa biyyi keenya eegalteefi furtuu waldhibdee keenya ta’a jedhamee abdiidhaan eegamu keessatti yaadama biyya ijaaru gumaachuun, lammii biyya isaa jaalatu hunda irraa eegama waan ta’eef, milkaa’ina isaatif gahee keenya bahachuun nurraa eegama.

Biliyeenaroota . . .

Hojii daldalaarratti hirmaachuun milkaa’ina guddaa kan galmeessan dureessi lammii Masrii kun daldala damee adda addaa keessatti hirmaataa jiru. Isaan keessaa qabeenyisaa inni guddaan dhabbata gaazii uumamaa oomishuufi raabsu *OCIN V* jedhamudha.

Isaan alas dhaabbilee akka oomisha xaa’oo guddaafi dhaabbata oomishaafi raabsaa simintoo *LafargeHolcim* dabalatee maqaa ispoortii Adidas, fi garee *Madison Square Garden Sports* keessattis dureessa qabeenya guddaa horatanidha.

Qabeenyi isaanii doolaara biiliyoona 9.48tti tilmaama. Kanaanis Afrikaa irraa sadarkaa 4ffaarra argamu.



Kirsh Naataan- Afrikaa Kibbaa:

Kirsh Naataan dhiyeessaafi raabsaa oomishaalee nyaataafi daldala jumlaa Afrikaa Kibbaati hanga biyyoota birootti gurguranidha

Dureeyyota Afrikaa keessaa nama umurii guddaa ta’u. Amma umuriin isaanii naannoo waggaa 96 yoo ta’u, ka’umsi isaanii Eswaatini bakka duraan Siwaziland ykn Mootummaa Siwaazilandi jedhamu lafa cittuu Afrikaa Kibbaa keessati argamu irraati.

Jalqaba bara 1960’oota keessa daldala boqqollootiin qabeenya guddaa horatan.

Sana booda bara 1976tti raabsaafi kuusaa *Cash & Carry* jedhamu kan mana kuusaa jumlaa, manneen gurgurtaafi mana nyaataaf oolan keessatti dhiyeessuufi gurguruun damee isaan biyyoota addunyaa hedduu keessatti babal’isuun qabeenya horatan. Amma qabeenyi manguddoo kanaa doolaara biiliyoona 9.48tti tilmaamama. Kanaanis Afrikaarraa Sad. 5ffaa Addunyaarraa ammoo sad. 293 irratti argamu.

Dhalataan Itoophiyaa lammii Saawud Arabiyaa kan ta’an Mohammed Al Amuuddiin qabeenya walii galaa doolara biiliyoona 8.76’n addunyaa irraa sadarkaa 323 irratti argamu.

Xumura bara 2024 kanatti *Bloomberg Billionaires Index* dureeyyota kanneen dabalatee dureeyyoota addunyaa akkataa qabeenyasaanitti sadarkaa 1ffaa hanga 500 jiran tarreessera. Akka Addunyaatti dureeyyootni Ameerikaa teknoloojii irratti hojjatan sadarkaa tokkoo hanga 4tti jiru.

1ffaa Eloon Maask doolaara biiliyoona 452

2ffaa Jeff Beezos doolaara biiliyoona 243

3ffaa Mark Zuukarbarg doolaara biiliyoona 212

4ffaa Laarii Eelisan doolaara biiliyoona 190 tarree biliyeenaroota addunyaa tarree jalqabatti tarreefaman ta’aniiru.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

ARSII

Beeksisa Caalbaasii Gurgurtaa Manaa Kuusaa

R/himattoonni 1. Alamuu Gassasaa 2. Ayyalaa Mabraatuu 3. Tashoomaa Mabiraatuu B/B Silashii Tashoomaa fi R/Himatamtoonni 1. Salamoon Argaw 2. Beetaliheem Girmaa, 3. Faaris Baqqalaa, 4. Balaachew Kabbadaa, 5. Shaambal Dabbabaa jidduu jiru falmii raawwi jiru ilaalchisee Mana kuusaa Kakk. 19 Bal’inni isa 4.8x2.8 ta’e Magaalaa Asallaa ganda Hundee Guddinaatti Waldaa dhuunfaa aksiyoona Limaat bahibrat itti gaafatamummaan isaa murtaa’e keessatti Maqaa Obbo salamoon Argawun galmaa’ee beekamu tilmaamni isaa Qarshii 683,127.81(Kuma dhibba jahaaf Kuma saddeettamii sadihiif dhibba tolkoof diigdamii torbaaf San.81/100) kan ta’een caalbaasii ifaatiin gaafa guyyaa 30/04/2017 Sa’aatii 3:30 iraa hanga sa’aatii 6:30 giddutti kan gaggeeffamu waan ta’eef namni caalbaasii ifa ta’een dorgomee bitachuu barbaadu guyyaa armaan olitti ibsame kana kabachiisa Caalbaasiif qarshii ka’umsaa qarshii ¼ isaa qabsiisuun iddoo manni kun argamutti qaamaan argamuun dorgomee bitachuu kan danda’u ta’uu Manni Murtii Aanaa Magaalaa Asallaa ni beeksisa. Mana Murtii Aanaa Magaalaa Asallaa

Beeksisa Caalbaasii Gurgurtaa Manaa

R/Himattoonni 1. Shittaayee Tsaggaayee 2. Tasfaayee Tsaggaayee 3. Alamuu Tsaggaayee fi R/Himatamaan Abaataa Tsaggaayee jidduu kan jiru falmii raawwii jiru ilaalchisee Mana Magaalaa Asallaa ganda Buusataa keessatti lafa bal’ina M²200 irratti argamu mana jireenyaa qorqoorroo tokko kan luukii shantama (50) ofirraa qabuu fi Mana saarvisii balbala sadi(3) qabeenyummaan isaa kan duutuu Aadde Buzunash Tsaggaayee kan ta’e tilmaamni isaa qarshii 454,770.00 [kuma shantamii afuriif dhibba torbaaf torbaatama) kan ta’e caalbaasii ifaatiin gaafa guyyaa 16/05/2017 Sa’aatii 3:30 irraa hanga sa’aatii 6:30 giddutti waan gaggeeffamuuf namni caalbaasii ifa ta’een dorgomee bitachuu barbaadu guyyaa armaan olitti ibsame kana kabachiisa Caalbaasiif qarshii ka’umsaa ¼ isaa qabsiisuun iddoo manni kun argamutti qaamaan argamuun dorgomee bitachuu kan dan da’u ta’uu Manni Murtii Aanaa Magaalaa Asallaa ni beeksisa.

Obbo Aadam Malkee waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa lakk.isaa 54/2009, baldhina iddoo M² 170, sadarkaa iddoo 3ffaa, tajaajila iddoo mana jireenyaa, dheerina gamoo G+0 ta’een galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun

bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatuu yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Bulchiinsa Magaalaa Kofalee.

Obbo Faanaa G/Masqal waraqaan qabiyyee lafaa kaartaa lakk.isaa 10225, lakk.galmee 26229, ballina iddoo M² 200, sadarkaa 2ffaa , tajaajila iddoo jireenyaa Magaalaa Shaashamannee ganda Aboostoo keessaa qaban Kaartaan harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee

Obbo Wandimmuu Korboo Bantii waraqaan qabiyyee lafaa kaartaa lakk.isaa 11683, lakk. galmee 4643, ballina iddoo M² 500, sadarkaa 2ffaa , tajaajila iddoo jireenyaa Magaalaa Shaashamannee ganda D/Boqqee keessaa qaban Kaartaan harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee

Adde Assalafach Wandimmuutiif Bakka Jirtanitti

M/Mormaan Yeshii Shibiruufi Kaasaa Tolosaa fi waamamtuun isin jidduu falmii jiru ilaalchisee waamamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/05/2017 s’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Heexosaa

Aadde Burtukaan Warquutiif Bakka Jiranitti

Iyyataan Naggasaa Abbabaafi waamamtuun isin jidduu falmii sivilii [dhirsaafi niitii] jiru ilaalchisee waamamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 6/04/2017 sa’aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Muuneessaa

Baale

Aadde Zeeynii Faatoo Bakaree waraqaan ragaa abbaa qabiyyee /ragan lafaa mana jireenyaa lakk. galmee Z-658 fi lakk. kaartaa 8309/1996 ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Roobee Ganda Caffee Doonsaa keessatti galmaa’ee argamu waan jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa

beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti akka dhiyaattanii beeksiftan, yoo hin dhiyaatin ragaan biraa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Baqqalach Jamaanah Amaaraa Lakk.Galmee faayilaa B- 856 kan ta’eefi Nagahee marraasaa Lakk. isaa 768473 kan ta’e mana jireenyaa Magaalaa Roobee Ganda Walta’ii keessatti argamu hafteen isaa mana galmee keessaa yeroodhaaf waan dhabameef, Galmee kan biraa naaf banamee tajaajilan barbaadu akka naaf kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti akka dhiyaattanii beeksiftan,yoo hin dhiyaatin galmee yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.


Iyyattuun Aadde Yeroom Nagaash mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti bali’ina M² 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Geetuu Irranaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa mana kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Iyyataan Obbo Abdujaliil H/Adam mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti bali’ina M2 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Warqituu Fayyeetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa mana kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Obbo Daanyee Laggasaa lafa daldalaa Magaalaa Alii ganda 01 keessatti maqaa isaaniitin galmaa’ee ballina M² 314 irratti argamu lakk.kaartaasaa 133/2013 ta’e Aadde Diinkuree Kadiir Saanitti gurguraanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta’e jijjiiraan maqaa kan raawwatuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Alii

Iyyattuun Aadde Zeeytunaa Mahmmad mana jireenyaa Magaalaa Burqaa Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Alamaayyoo Xaasawitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Qaalluu Maallimoo Iluu

Abbaa Boor Aanaa Bachootti

Oromoon dur sirna bulchinsa mataasaa Gadaa akkuma qabu sirna amantaa ofiisaa Waaqeffannaa qaba. Sirni waaqeffannaa Oromoon qabu akkuma amantaalee gurguddoo addunyaa har’aatti sirna kabajaafi ulfoowwan adda addaas ni qaba. Akkuma sirni Gadaasaa sirna bulchinsa ormaan dhuunfatamee dadhabaa deeme amantaan Oromoo inni ganamaa Waaqeffannaanis amantaa birootiin dhiibamuunsaa hin oolle.

Uummanni Oromoo Iluu Abbaa Boor akkuma Oromoota godinaalee biroo amantaa Waaqeffannaa kan ganamaa qabatee hanga yeroo dhiyootti geggeeffachaa tureera. Sirna Waaqeffannaa kana keessatti ummatticha bakka bu’ee uumaafi uumama kan walitti fidu, sirna amantichi barbaadu kan barsiisuufi kan qajeelchu abbaa amantichaa ni qaba.

Gaafa rakkoon biyyatti dhufu kan fala kennu, seerri uumamaa jal’atee yoo waanti ta’uu hin malle ta’e kan fala gaafatan Qaalluun kan amanticha geggeessu qabu turan. Gaazexaan Kallacha Oromiyaas waa’ee Qaalluu Maallimoo jedhamu kan Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Bachootti argamu waggoota hedduuf sanyiidhaan darbaa dabarsaan hojii hafuuraa kanaan tajaajilaa turanii odeeffannoo Waajjirri Kominikeeshinii Godinichaa erge akkaataa armaan gadii kanaan qindeesseera.

Dhufaatii Qaalluu Maallimoo

Akka odeeffannoon maanguddoota Aanaa Bachoo walitti dhufeenya warra Maallimoo waliin qabanirraa argame mul’isutti Maallimoo jechuun Qaalluu, namoota Qaalluun irraa dubbatu waan darbeefi waan gara fuulduraatti jireenyaa dhala namaatti dhufu kan itti dubbatuudha. Akka odeeffannoo kanaatti jalqabni seenaa Maallimoo Shawaa Lixaa bakka ka’umsa bishaan Gibee jedhamu yommuu ta’u, bakki kunis Limmuu kan jedhamu dha.

Naannoo Limmuu kanatti bokkaan yeroo dheeraadhaaf caamee waggoota sadiif walitti aansee osoo hin roobiin waan tureef jiraattonni naannichaa fala barbaaduutti ka’anii osoo mari’atanii hoodduu (raajjuu) dhaqanii fala barbaaduuf waliigalan. Raajjuu (hoodduu) kana bira deemanii fala yommuu kaa’an roobni kan isiniif roobuu danda’uu yoo isin nama tokko aarsaa gootaan (qaltan) malee rooba argachuu hin dandeessan jechuun waa himtuun himtiifi. Kanaan booda qomoon sadan; Limmuu, Sooddoofi Macci naannoo laga Gibee bakka Limmuu jedhamutti walitti qabaman. Walga’anii dhimma kanarratti

erga mari’atanii booda carraa buufannee abbaan carraa fuudhee ilmasaa biyyaaf haa kennuu ilmisaa biyyaaf aarsaa ta’ee biyyaaf haa tolu jechuun waliigalan. Kanaan booda Limmuun carraa waan fuudheef akka ilmasaa biyyaaf kennee inni qalamnaan roobni roobuuf godhame. Limmuun kun immoo haadha manaa lama qaba waanta’eef haadha warraasaa lamaanuu mari’achiisuun dirqama itti taanan waan biyya waliin mari’atee gara haadha warraa isaas deebi’ee marii geggeesse ture.

Marii kana keessatti haati warraa isheen tokko ilmaan shan kan qabdu yommuu taatu, isheen tokko immoo ilma tokko qofa qabdii turte waanta’eef akka ilaalcha Limmuutti ijoolleesaa keessaa tokko biyyaa yoo aarsaa godhe, yoo kan garaasaa gubu ta’e illee balaa caamni fidurraa ilmaan isaa hafaniifi isaafis ta’e uummataaf bu’aa qabutti amanuusaa haadha warraa lamaanitti ibse. Kun ammoo kan ta’uu danda’eef raajjuu (hoodduu waa beekatu) yoo nama qaltan malee roobni hin roobu waan jetteef ta’uu ibsee ani ammoo geggeessitoonni qomoo sadanii wal geenyee carraa buufannee jennaan carraan anatti baasee akka ani ilma koo kennuuf jechuun ibseefi.

Kanaafuu isin ammoo ilmaan keessan keessaa tokko naaf kennaa, ani immoo biyyaafan kennaa jechuun gaafate. Yommuu Limmuu gaaffii kana dhiyyeessu haati ilmaan shan qabdu sun ani ilmaan koo keessaa hin kennu jette didde.

Haati ilma tokkichaa garuu roobni nuuf rooba taanaan ani ilma koo kenneera jette. Kanaan booda Limmuu ilmasaa kan haati ilma tokkicha kenniteef fudhachuuf guyyaa beellamaa bakka beellamni itti qabame deeme. Akka haadha warraasaa lamaan maari’achisefi haati ilma tokkichaa akka ilmashee biyyaaf kennitee ibsee innis gara qomoo sadanitti dabarsee kenne.

Battaluma sanatti yaa’iin waaqa kadhachuutti ka’ee yaa waaq-nuu roobi jedhanii mucaa qalamuuf dhiyaate ciibsanii yommuu morma mucaa irraa Aalbee buusan roobni kana dura hin jirre duumessaa’ee, qaqawwisee roobni dhufee, battaluma sana osoo mormi mucaa hin citin hoolan bakki dhufee hin beekamne bakka mucaa bu’ee, mucaan bakka bu’e dhabame. Roobni guyyoota sadiif walitti aansee roobee biyyi balaa hongee irraa baraaramee, dacheen margee bishaan yaa’ee erga jedhee booda, qomoon sadan dhimma yemmuu waaqa

kadhachuuf jecha mucaa qaluuf ka’an hoolaa ta’eefi bakka mucaan bu’e dhaban irratti raajjuu bira deemuf gara mariitti galan.

Kanaan booda dhimmicharratti waliigalanii waa himtuu bira deemuun yoo gaafatan raajjuunis mucaan sun kan jiru bakka bakkee Cooraa jedhamu jechuun itti himte. Bakkee Cooraa kan argamuu Godina Iluu Abbaa Booraa keessatti.

Kanaan booda mucaa (Ilma) biyyaaf aarsaa ta’uuf ka’ee bakka isaa hoolaan buunaan bakka bu’e dbabame kana barbaaduufbakkeen Cooraa eessa akka ta’e eeruu waa himtuun keesse bu’uura godhachuun barbaacha itti fufan. Bakkee Cooraa gahanii yommuu gaafatan mucaan jaarsa ta’ee (dullooomaa fakkaatee) jiraachuu argaanii deebi’an.

Erga deebi’aniis hin teenyee gara raajjuu deemanii waan argaan itti himanii fala raajjuu gaafannaan, raajjuunis dubbiin kun waan cimaadha ammaaf waan biraa dhiisaatii maqaa isaa Maallima jedhaa waamaa jedhe. Kanaan boodas namichi Maallima jedhamu kunis Bakkee Cooraa irraa gara naannoo Yamboo jedhamu jiraachuu eegale.

Uummanni mana itti ijaaree siidan (bakka qaalluun taa’ee waaqni itti kadhataamu) bu’ee, Maallima irraa qaalluun dubbachuu eegale. Qaalluun kunis Maallimoo jedhamee waamama jechuun raajiin dubbate. Haati warrasaa ilma Saagoo jedhamu deesseef. Maallimni duunaan qaallummaan Saagoo irraa dubbate.

Saagoon immoo ga’ee fuudhee ilma Maagoo jedhamu godhate. Innis qaallomee ilma tokko maqaan isaa Tooroo jedhamu godhate, Tooroonis dabare isaa qaallomee, innis ilma Boofoo jedhamu godhate. Bofoonis dabaree isaa qaallomee, ilma Xiichaa jedhamu godhate. Xiichaan ilma Fatansaa jedhamu godhate.

Fantasaan immoo ijoollee dhiiraa lama godhate; Guutamaafi Diichaa jedhaman godhate. Qaalluun abaabayyuu isaanii Diichaatti darbee ture. Diichaan immoo ilmaan inni qabu keessaa tokko Nagaroodha. Akkuma sanyii isaa innis Qaalluu ta’ee osoo bakka Siidaa isaatti namoonni bakka masaraa Qaalluu kanaa deemuun wal eebbisanii, wal kakanii, kan didaa ta’e abaaranii, kan amantaa walii hir’ise illee achitti waliigalaa ture.

Yeroo muraasaaf erga itti fufee booda Obbo Nagaroo Diichaafi ijoolleen isaaniis waan amantaa Islaamaa fudhataniifi ilmaan

Gara fuula 2tti

Iyyataan Obbo Sisaay Aliyyii mana jireenyaa Magaalaa Burqaa Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 250 irratti argamu Obbo Masfiin Ayyaalewitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Boorana

Obbo Dheengee Haroo fi Aadde Faaxumaa Mahammad qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Saayit Pilaanii 187/97 ta’ee magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti ballina M² 250 irratti maqaa Obbo Dheengee Haroo fi Aadde Faaxumaa Mahammadiin galmaa’ee beekamu Aadde Abshiroo Dheengee Harootiif kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin kennaan kan mirkanaa’u ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Amaanee Baqqalaa fi Obbo Abdurroo Fayyisaa B/B Obbo Qaasim Tashitee Qaabatoo qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Saayit Pilaanii 0141/BMN/01/01/01 ta’ee magaalaa Nageellee Booranaa ganda Goobichaa keessatti ballina M² 200 irratti maqaa Aadde Amaanee Baqqalaatiin galmaa’ee beekamu Aadde Amalaworiiq Niguseetti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kan mirkanaa’u ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Nasuraddiin Ahimad Abrahimiifi Aadde Ashaa Alii Umar B/B Obbo Ahimad Nuure Isaaq Adan qabeenyummaa isaanii kan ta’e , mana jireenyaa lakk. saayit pilaanii 1668/BMN/01/01/01 ta’e magaalaa Nageellee Booranaa ganda 02 keessatti ballina M²200 irratti maqaa Aadde Ashaa Alii Umariin galmaa’ee beekamu Obbo Adam Dullee Anibootti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin kennaan kan mirkanaa’u ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Roobaa Hoxxeessaa fi Leetoo Adoolaa qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Saayit Pilaanii 2978/BMN/01/01/02 ta’e, magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti ballina M² 234 irratti maqaa Obbo Roobaa Hoxxeessaatiin galmaa’ee beekamu Aadde Mihirat Gattaa Gaanabootti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kan mirkanaa’u ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Andinnat Abbabaa fi Obbo Geetaahuun Hayiluu qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk. Saayit pilaanii isaa 1342/BMN/01/01/01 ta’e lafa 209KM² irratti argamu maqaa Aadde Andinnat Abbabaa beekamu

ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu Lakk. manaa ---- ta’e Aadde Tsaggaa G/Libaanoositti gurgureerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Negeellee Booranaa

BUNNOO BEDDELLEE

Aaddee Xajjituu Margaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa L-475/15 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa M² 160 irratti argamu Obbo Tamasgeen Ijjiguu Guutamaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Dhugumaa Tokkoo mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa L-502/15 kan ta’e, lafa bali’ina M² 160 irratti argamu Obbo Xilaahuun Dhugumaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne ta’e maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Wubaayyoo Gulummaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa M.Q.3073/15 ta’e bal’innisaa 200M² ta’e Haddaas G/Yohaannisitti gurguranii jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eegumsaa Naannoo Bul/ Magaalaa Beddellee.

Mokonnin Sandaaqee sababa dhukkubatiin waan du’aniif qabeenyaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone ta’e galmaa’ee jiru bal’innisaa 360M² ta’e dhaaltuu haadha warraa isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Aadde Abbebech Yaasiin , 2^{ffaa} Baqqalech Mokonnin 3^{ffaa}, Fallaqech Mokonnin, 4^{ffaa} Indaalee Mokonnin, 5^{ffaa} Baanchaamlaak Mokonnin, 6^{ffaa} Mitikkee Mokkonnin dhaalaa/ tuu sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manni Murtii Aanaa Beddellee murta’eera. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa kana gara

dhaltootatti kan naannessinu ta’uu keenyaa ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eegumsaa Naannoo Bul/ Magaalaa Beddellee.

Obbo Masarat Saggaa Hodee fi haati warraa isaanii Aadde Qalamawarqi H/Sillaasee sababa dhukkubatiin waan du’aniif qabeenyaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone ta’e galmaa’ee jiru bal’innisaa 500M² ta’e dhaaltota ijoollee du’aa kan ta’an 1^{ffaa} Masreshaa Masarat, 2^{ffaa} Abbaayinesh Masrat, 3^{ffaa} Itbaarek Masarat, 4^{ffaa} Asiraat Masarat dhaalaa/tuu sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manni Murtii Aanaa Beddellee murta’eesseeraaf. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa kana gara dhaltootatti kan naannessinu ta’uu keenyaa ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eegumsaa Naannoo Bul/ Magaalaa Beddellee.

Aadde Gannat Zarasaannayi faan mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone bal’innisaa 240M² ta’e Obbo Aalamaayyoo Oljirraatti gurguranii jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eegumsaa Naannoo Bul/ Magaalaa Beddellee.

ObboAbdulqaadir Foggii sababa dhukkubatiin waan du’aniif qabeenyaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessatti qabeenyaa hin sochoone ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru bal’innisaa 490M² ta’e dhaaltuu 1^{ffaa} haadha warraa du’aa Muluu Ejersoo fi ijollee du’aa kan ta’an 2^{ffaa} Taarikuu Abdulqaadir 3^{ffaa} Almaaz Abdulqaadir 4^{ffaa} Abaabayyee Abdulqaadir 5^{ffaa} Qonjee Abdulqaadir 6^{ffaa} Masaa Abdulqaadir 7^{ffaa} Hiwoot Abdulqaadir dhaalaa/tuu sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manni Murtii Aanaa Beddellee murta’eesseeraaf. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa kana gara dhaltootatti kan naannessinu ta’uu keenyaa ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eegumsaa Naannoo Bul/ Magaalaa Beddellee.

GUJI

Obbo Taarikuu Gammadaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa M² 400 irratti argamu Obbo Daani’eel Kabbadaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Kabbabush Saafayii mana jireenyaa Lakk.isaa O/D/AW/GOd/309/12 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda O/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’ina M² 400 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 3344/13 ta’e Aadde Maqidas Tarrafaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Yohannis Hoxxeessaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa M² 400 irratti argamu Obbo Uddoo Duubaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Yoseef Bokkoo mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa M² 200 irratti argamu Obbo Morkotaa Gammadaatiif gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Qilxaa Ejersaa Kuleelaa mana jireenyaa Lakk.isaa OR043013415005 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone bali’ina M² 590 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 8538/17 ta’e Aadde Obbo Morkataa Gammadaa Jaarsootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Amaan Eda’oo Tuurii mana jireenyaa Lakk.isaa Aw/GAW/B20-007 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone bali’ina M² 176.85 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4209/13 ta’e Obbo Xiimotiyoos Hadaa Dambiitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Waldaa Cuuphaa Kakuu Haaraa Addis Kidaan Maximaqawi mana jireenyaa Lakk. isaa Ad/AW/God/312-06 ta’e , rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’ina M² 250 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 3509/13 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru Obbo Barraaqqoo Culuqqee Buraatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Waldaa Cuuphaa Kakuu Haaraa Addis Kidaan Maximaqawi mana jireenyaa Lakk. isaa Ad/AW/God/312-06 ta’e , rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’ina M² 250 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 3509/13 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru Aadde Raahel Isheetuu Kaasuutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Mallicha Mi’eessaatiif Bakka jirtanitti

Himattuun Aadde Taayyeche Bitewulinyii fi himatamaan isin jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee himatamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii gaafa 13/05/2017 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Godina Gujii Lixaa

Obbo Gammachuu Goobanaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’inni lafa M² 400 irratti argamu Obbo Roobee Gammadaatiif gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Waacifaa Uddoo mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’inni lafa M² 400 irratti argamu Mana Sagada Hawaariyaatiif gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Hawwii Girmaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’ina M² 374 irratti argamu lakk.isaa OR003030702006 ta’e Obbo Sintaayyoo Alamaayyootti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Bilisummaa Tasammaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’ina M² 250 irratti argamu Aadde Maskaram Tasfaayeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Darrasaa Godaanaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’ina M² 400 irratti argamu lakk.isaa OR003030205026 ta’e Obbo Taammiruu Kureesaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Masarat Mokonnin mana jireenyaa lakk. isaa OR003010820009 Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’ina M² 250 irratti argamu Obbo Sufiyaan Mahammaditti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Tamasgeen Ingidaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee aragmu lafa bal’ina M² 400 qaban irraa, M² 200 qoodanii Obbo Indashawu Mokonninitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Yeetinaayeet Abarraa mana jireenyaa lakk. AW/God/B-13 ta’e ramaddii tajaajila iddoo (Zoning) CBD (1^{ffaa}) irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa 5324/14 ta’e maqaasaaniitiin lafa 200m² irratti galmaa’ee argamu Obbo Kaasaahun Haaneetti gurguradheera jedhanii waliigaltee gurgurtaa waan dhiyeeffatniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin waliigaltee grugurtaa dhiyaate fudhannee kan mirkaneessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Biliyeenaroota Afrikaa bara 2024tti sadarkaa qaban shan

Dureewwan Afrikaa bara 2024 qabeenya guddaa horatan keessaa tokko Itoophiyaa keessatti invastimantiirratti bobba'aniiru.

Kunneen dureeyyota Afrikaa keessaa kan qabeenya isaaniin sadarkaa 1 hanga 5 jiraniidha. Akka Afrikaa qofatti utuu hin taane tarree dureeyyota addunyaa keessattilee kan maqaan isaanii eeramuudha. Dureeyyoonni kunneen bara 2024 keessa qaala'insi jireenyaa, rakkoon nageenyaafi qormaatni kaan osoo jiruu isaan gaba keessa turuu danda'aniiru. Mallaa guddaas argatan.

Dureeyyoonni kunneen, carraa daldalaa fi qabeenya albuudaa ardiittitti fayyadamuun milkaa'ina kana irra ga'aniiru. Tarree dureeyyota addunyaa bara 2024 Bloomberg Billionaires Index mudde 30, 2024 baase keessaa dureeyyota Afrikaa tokkoo hanga shanii jiran, hanga maallaqaa isaaniifi maal hojjatanii akka milkaa'an hanga tokko kunooti.



Johaana Ruuppart - Afrikaa Kibbaa:

Johaana Ruuppart dhaala abbaasaaniirraa argatan gara dhaabbata meeshaalee qananiin doolaara biiliyoona hedduutti jijjiiran. Akka ragaan 'Bloomberg Billionaires Index' irraa argame jedhutti dureessi kun sababa rakkoo dinagdee Naayijeeriyaatti mudateen qabeenya Aliikoo Daangootee gadi bu'uu hordofee yeroo jalqabaaf tarree jalqabaarra taa'an.

Dureessi kun maatii sooreyyii keessaa kan dhalatan yoota'u qabeenya abbaasaaniirraa dhaalaniin dhaabbata Remgro jedhamu hundeessuun meeshaawaan qaaliifi qananiin daldalu. Kana malees dhabbiilee akka Randi Merchant Bank kan jedhamufi dhaabbata Richemont jedhamu kan addunyaarratti meeshaalee qananiidhiyeessuun isa guddaa yoo ta'u, biraandiiwwan akka Cartier fi Montblanc of keessaa qaburraa bu'aa guddaa argatu.

Hojii daldalaa isaanii kanaanis badhaasa hedduu argataniiru. Qabeenya isaanii Jeneevaafi Landanitti argamuun alatti,

Afrikaa Kibbaa Keep Taawun keessatti hojii investmentii gurguddaa qabu. Qabeenya Ruuppart bara 2024 doolaara biiliyoona 1.9 yoo dabale, biiliyoona 14.3 gaheera.



Aliiko Daangootee- Naayijeeriya:

Qabeenya Aliikoo Daangootee biyyasaanii keessatti maallaqni gadi kufuun yeroo dheeraa booda sadarkaa 2ffatti gadi bu'an Warshaa simintoo Daangooteen Itoophiyaa keessaa kan qaban Daangooteen Itoophiyaan alas biyyoota Afrikaa keessatti Investimantii indastirii irratti bobba'aniiru.

Daangooteen yeroo dheeraaf dureessa Afrikaa qabeenya olaanaa qaban turani. Bara 2023 qabeenya isaanii doolaara miiliyoona 400'n dabalus, bara 2024'tti sadarkaa tokkoffaa waggoota dheeraaf qabatanii turanirraa gadi bu'uun qabeenya dolaara biiliyoona 13.4tti tilmaamamu qabaachuun tarree dureeyyota Afrikaa 2ffaa ta'uu danda'ani.


Namni waggaa 66 kuni hojii indaastirii daldalaafi oomisha simintoof sukkaaraa biyyoota hedduu keessaa qabaniin Afrikaa keessa qabeenyaan kan isaan gitu hin jiru ture.

Bara kana garuu rakkoo kufaatii maallaqa Naayijeeriya Naayiraafi rakkoo dinagdee biyyisaanii keessa jirturraa kan ka'e waan harka kennatan fakkaatu.

Simiintoon Daangootee Afrikaa keessatti oomisha simintoo isa guddaa yoota'u, biyyoota Afrikaa 10 keessatti hojjeta. Indaastirichi waggaatti simintoo toonii miiliyoona 50 oomisha. Bara 2023tti warshaa guddaa Afrikaa keessatti dhaabbata petroo keemikaalaa guddicha ta'eefi waggaatti galii doolaara biiliyoona 30 argamsiisa jedhamee eegame banuun isaa ni yaadatama.

Faawundeeshiniin Daangootee Afrikaa Kibbaa Gammoojjii Sahaaraa keessatti dhaabbata guddaa ta'e, guutuu ardii kanaa keessatti hojii tola ooltummaa kan hojjetu yoota'u, hojiisaa baay'inaan soorata, fayyaa, barnootafi gargaarsa namoomaa irratti

Bara kana qabeenya Aliikoo Daangootee doolaara biiliyoona 1.7 gadi bu'uun yeroo ammaa doolaara biiliyoona 13.4tti tilmamama. Kanaanis Afrikaa irraa sadarkaa 2ffaa Addunyaa irraa sadarkaa 67ffaa irratti argamu, akka gabaasa Biluumbargitti.



Oppanhaayimar, biiliyeenara dhaabbata albuuda diyaamandiifi daldala beekamaa De Beers jedhamu hundeessan keessaa tokko. Seenaa milkaa'ina dureeyyota Afrikaa keessatti kan eeraman lammiin Afrikaa Kibbaa kan biraa Niikii Oppanhaayimar nama jedhamanidha.

Lafa bal'aa Zimbaabuweefi Bootiswaanaa keessatti bakka kunuunsa uumamaa jedhamuun ramadame kan qaban yoo ta'u, walumaa galatti lafa hektaara kuma 187 qabu. Niikii Oppanhaayimar miseensa sirna mootummaa dhaabbata albuuda diyaamandiifi daldala beekamaa De Beers jedhamu hundeessanidha. Niikii Oppanhaayimar qabeenya doolaara biiliyoona 11.7 tilmamamu qabu.

Kanaanis tarree xumura bara 2024 Bloomberg Billionaires Index baase keessatti qabeenya guddaa horachuun Afrikaa irraa Sad. 3ffaa Addunyaa irraa sad. 217 irratti argamu.



Naasef Saawiriis- Masrii:

Gara fuula 3tti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa



Qabeenya bishaanii Oromiyaa misooma sululootaafi hurufa gammoojjii Oromiyaaf oolchuuf

Abjuun Mootummaa Badhaadhinaa bishaan gaarreewwan baddaa Oromiyaatii yaa’aan hurufaafi sululoota gammoojjii Oromiyaa akka sooran qopheessun; rakkinoota hawaas-dinagdee hanga ammaatti jiruuf furmaata waaraa tolchuun galma badhaadhinaatti bahuu akka ta’e Pire. Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa toora miidiyaa hawaasaa isaniin ibsaniiru.

Hojiwwan qabeenya bishaanii inisheetivoota sadarkaa maatiifi naannootti deeggarameen babal’isuuf xiyyeeffannaa kennameefi kallattiwwan ta’uu malan akka itti aanutti dhiyaateera.

Oromiyaan haala qilleensaafi teessuma lafaa mijatoo qabaachun ishee wiirtuu qabeenya bishaanii taasisa. Haata’u malee, xiyyeeffannoon hanga toota (elites) siyaas-dinagdee ishee falmii laallee (ideology) malee hojii qabatamaa hawaasa jijjiiru waan hinturreef, kennaa bishaanii kana ija banatanii osoo hin ilaalin baroonni hedduun lakkaa’amaniiru. Kunis rakkinoonni hawaas-dinagdee uummata keenyaa daran hammaataa akka ittifufan taasisa.

Mootummaan Jijjiiramaa qaawwa kana duuchuuratti bishaan hogganuun dhimma ijoo ta’uu hubachuun tarkaanfii gurguddaa fudhateera. Bu’uuruma kanaan, qonna naannichaa hirkattummaa roobaa jalaa baasuun, jiruufi jireenya qonnaafi horsiisee bulaa jijjiiruu, jedhees cehumsa hawaas-dinagdee dhugoomsuuf, waggoota afran darban, inisheetivoota pirojeektota bishaanii sadarkaa maatiirraa hanga bajata olaano qaban babaldhisuurratti argama.

Mootummaan gulantaa sadiin bishaan hoogganuuf karoora qabatee socho’aa jira. Tokkoffaa, ummanni keenya sadarkaa maatitti akka bishaan qabatu karoorfamee hojjatamaa jira. Kunis boolla

qopheessuu, lagarratti kuusa (storage) tolchuu, bishaan bokkaa cimmisuu dabalata. Lammaffaa, gahee mootummaan bulchinsafi ittifayyadama bishaanii ilaalchisee hawaasa biratti bahatu kan ilaallatuudha. Mootummaan iskiimota dullooman dafee suphuu, haala giddu-seentummaan barbaachisutti gama eksiteenshiniitin sochoosuu, boolla bishaan dabalataa hojjechuu, gahumsa burqituuwwanii guddisuu, qoteefi horsiisee bulaaf dhiyeessii paampii mijeessufi hojiirra oolmaa qajeelfamaa gahumsaan hordofuu dabalata. Inni sadaffaan, sochiilee bal’aa pirojeektota Finnaafi jallisii olaano adda addaa babal’isuu kan dabalatuudha.

Kanarraa ka’uun, hongeeffii goginsa irra deddeebiin uummata keenya beelaaf saaxilu qolachuufi rakkoo dinagdee keenyatti furmaata waaraa tolchuuf mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo olaanan Pirojeektota Finnaa /hidhaafi jallisii godinaalee Oromiyaa garaagaraatti hojjechuu irratti argama.

Pirojektiiwwan Finnaafi jallisii hojjatamanii tajaajilaaf banaa ta’aniifi ijaarsarra jiran yoo ilaalle: Pirojeektota Finnaa 73 ijaarsa keessa galan kessaa kan bara darbee xumuraman 22 yoo ta’an, bara kana amma kurmaana tokkooffatti 17 xumuramanii tajaajilaaf gahaniiru. Pirojeektoonni kunniin humna guutuun hojiitti yeroo galan, abbootii warraa 15,082 fayyadamaa kan taasisaniidha.

Gama pirojeektota jallisitiin, pirojeektoonni gurguddaa 2 ijaarsi isaanii %50.55 irra kan gahe yoota’u, yeroo xumuramanitti lafa heektaara 7,050 kan misoomsuu danda’aniifi abbootii warraa 20,100 fayyadamaa kan taasisaniidha. Sadarkaa giddu galessatiin, pirojeektoonni 10 ijaarsi isaanii %58.47 irra kan gahe yoota’u, abbootii warraa 14,320 ol fayyadamoo taasisuuf humna kan

qabaniidha.

Akkasumas, pirojeektoonni jallisii xixiqqaa 73 ijaarsi isaanii %54.37 irra kan gaheefi, yeroo raawwatetti abbootii warraa 6,987 fayyadamoo kan taasisaniidha. Bara 2016 qofa, pirojeektota Finnaa dabalatee, pirojeektoonni jallisii 135 birrii biliyoona 4.7 oliin guutuu Oromiyaatti hojjatamaa turan xumuramuun tajaajilaaf banaa ta’aniiru.

Adeemsa kanaan jijjiirama qabatamaa argamsiisuu irratti argamna. Agarsiiftuu tokko yoo fudhanne, waggoota jaha (06) dura uwwisni misooma qamadii bonee keenya hektaara kuma 9 kan hincaalle yoota’u, bara kana (2017) lafa hektaara miliyoona 4 oliin gahuuf karoorfamee hojjatamaa jira.

Bara kanas bajata Mootummaa Naannoo Oromiyaa qarshii biiliyoona 18.340 oliin pirojeektota 102 hojjatamaa kan jiru yoota’u, ijaarsi isaanii ammatti %55 irratti argama. Pirojeektoonni kunniin yeroo hojiitti galan abbootii warraa 108,232 fayyadamoo kan taasisuudha. Walumaagalatti, abjuun Mootummaa Badhaadhinaa kana booda bishaan gaarreewwan baddaa Oromiyaatii yaa’aan hurufaafi sululoota gammoojjii keenyaa akka sooran qopheessudha; rakkinoota hawaas-dinagdee hangaawanitti furmaata waaraa tolchuun galma badhaadhinaatti bahuudha.

Kanaaf hooggansi hundi bishaan sirnaan hoogganamnan ce’uumsa qonna biyya keenya dhugoomsuu keessatti gahee bakka hin buune kan qabu ta’uu hubatee inisheetivoota bocamanifi pirojeektota gama kanaan jiran ariitiifi qulqullina barbaadamuun akka raawwataman amanamummaafi xiiqiidhaan hordoffiifi deeggarsa walirraa hincinne akka taasisu Obbo Shimallis dhaamaniiru.

Maddi: fuula fb Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

ILUU ABBAA BOOR

Godina Iluu Abbaa Booritti Aanaan Noonnoo Sal’ee jedhamuun beekamu maqaan kanaan dura ittiin waamama ture aadaa, safuu, seenaa fi duudhaa uummataa waliin waan hin deemneef qorannoo hayyootaan gaggeeffamee fi miseensonni mana maree Aanichaa marii erga gaggeesseen booda maqaa Aanichaa Aanaa Noonnoo Sal’ee irraa gara Aanaa Nadhii Noonnootti jijjiiramuun akka mogga’u taasiseera. Jijjiirraan maqaan kun adeemsa (hojmaata) hunda kan hordofe waan ta’eef Bulchiinsi Aanichaa maqaa Aanaa Nadhii Noonnoo jedhu moggaafateera. Kanaafuu, maqaan Aanichaa ‘Aanaa Noonnoo Sal’ee’ irraa gara ‘Aanaa Nadhii Noonnoo’tti jijjiiramee mirkanaa’uu dura kan mormu yoo jiraate guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Aanaa Noonnoo Sal’ee.

Aadde Maqdas Dasaalany mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii D/Bass ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu Aadde Aminaa Gazaahanyitti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Tasfaayee Mekuriyaafi Aadde Husiniyaa Mohammad mana sarviisii magaalaa Mattuu ganda 03 keessaa qaban maqaa Obbo Tasfaayee Mekuriyaatiin galmaa’ee beekkamu lakk. kaartaasaa 2293/03/009 ta’e, Sadarkaa iddoo 2ffaa, tajaajila iddoo EA kan ta’e ballina M² 500 irratti argamurraa ballina M²238 hir’isee Obbo Wandee Geetachootti gurgureera jedhaniiru, Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dihaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mattuu

JIMMAA

Beeksisa Caalbaasii Marsaa 2ffaa

Mootumaa naannoo oromiyaa Godina Jimmaatii Waajjira Maallaqaa A/L/Saqqaa Huffata seeraa hojjitootaa Motummaa dorgomsiiisee bituu barbaada . kanaafuu dhabbileen hojii kanaratti hirmaattan /bakka bu’iinsa seera qabeessaa qabdan /fi ulagaalee armaan gadiitti tarreeffaman guttachu dandeessan dhiyattanii dorgomuu dandeesuu .

- Huffata seera irratti heyyama seeraa qabeessa kan qabdan.
- Gibira Mootummaa kan bara 2016 kan kaffalee fi heyyama bara 2017 kan haaromfate.
- Vaatii dabalata kan galmayee ta’ee lakk adda (tin number) kan qabu ta’ee ragaa kooppii wal-qabsiisuu kan danda’u.
- Galmeeffama bittaa mootumaa irratii galma’u isaatiif ragaa dhiyeeffachuu kan danda’u
- Sanada caalbaasiif maallaqa hin deebine qar.200 kaffalee bitachuu kan danda’u.
- Kabachiisa caalbaasii qarshii kuma

- kudhan(10,000) maallaqa ykn CPO qabsisuu/waldaa IMX xalayaa wabummaa qaama jara gurmeesse irraa dhiyyeeffachuu kan danda’u.
- Kabachiisa walii galtee maallaqa walii galaa keessa %10 (dhibbeentaa kudhaan) maallaqa ykn CPO qabsiisuu /waldaa IMX ta’ee xalayaa wabummaa qaama jera gurmeesse irraa dhiyyeeffachuu kan danda’u.
 - meehaalee qulqullina qabuyeroo dhuma tokkotii gutumaan guutuutii dhiyesuu kan danda’u
 - Sanada caalbaasii guyyaa 16/4/2017 hanga gaafa guyyaa 6/5/2017 keessatti guyyaa hojii ganama saa’atii 2:30 -6:30 fi waaree booda 7:30 -11:30 ti qaamaan dhiyaatee Bitachuu kan danda’u.
 - Dorgomaan sanada bitatee hanga gaafa g uyyaa 6/5/2017 sa’atii 11:00 tti gatii isaa qulqullinaan guutee w/ra Maallaqaa A/L/Saqqaa lakk. 7 ti deebisuu qaba.
 - Caalbasichi gaafa guyyaa 7/5/2017 ganama irraa sa’atii 4:00 irratti bakka dorgomtootni/bakka bu’oonnii / argamanitti w/ra Maallaqa A/L/Saqaatti kan banamu yemmuu ta’u dorgomaan argamu hafuun caalbasicha banuu hin dhorkuu.
 - Dorgomaan moo’ate guyyaa mo’achuun isaa ibsame irraa kasee guyyaa hojii shan (5) keessatti dhiyaatee waliigaltee mallatteessu kan danda’u.
 - dorgomaan meeshalee mo’atee dabarfate basii isaatiin hanga wajjiraatti fiduu fi meeshaalee ajajme hunda gosaa fi bay’ina ajajameen yeroo tokkotti galchuutu irraa eegama. W/richi filannoo biroo yoo argate caalbasicha gar-tokkeen ykn gutumaa gutuutti haquuf mirga guutuuu qaba
 - bakki itti argamnu Finfinnee irraa karaa jimmaan 396 km karaa Amboon 296km irratti

Odeeffannoo dabalataaf lakk.bil.0474620008 /0474620048 gaafachuun ni danda’ama.

Beeksisa caalbaasii

Kaffalaa taaksii Waldaa hojii ijaarsaa A.G.E taaksii qarshii 11,152,163.25 (Miliyoona kudha tokkoo fi kuma dhibba tokkoo fi kuma shantamii lamaa fi dhibba tokkoo fi jahatamii sadii fi 25/100) kan irraa barbaadamu osoo hin kaffalin waan hafaniif qabeenyaa isaanii socho’u ganda Bachoo Boree iddoo addaa fuundura Mana Murtii Aanaa Magaalaa Jimmaatti argamu Maashina “Hydraulic Press Brake WC 67Y Model” fi “Hydraulic Shearing Machine QC12Y Model” kan ta’an akkaataa labsii bulchiinsa taaksii abbaa taayitaa galiwwan Oromiyaa lakk.203/2009 keewwata 43n aangoo kennameen caal-baasiin gurguruu barbaada.

- Gatiin ka’umsa caal-baasii meeshichaa qarshii 1,500,000.00 (miliyoona tokkoo fi kuma dhibba shan) dha.

- Haala caal-baasiichaaf ragaa dabalataa Garee Seeraa Waajjira Galiwwan Damee Magaalaa Jimmaa irraa argachuun ni danda’ama.
- Dorgomtooti gatii ka’umsa caal-baasichaa keessaa (%10) maallaqa dheedhiin ykn CPOn dursanii qabsiisuu qabu.
- Dorgomtooti gatii meeshichaa ittiin bituu barbaadan ifatti lakkoofsa fi qubeedhaan barreessanii poostaatti saamsuun teessoo Waajira Galiwwan Damee Magaalaa Jimmaa guyyaa gaafa 24/4/2017 irraa hanga 13/5/2017 sa’aatii 11:30tti waajjira lakk.8tti saanduqa caal-baasiif qophaa’etti galchuu qabu.
- Caal-baasicha gaafa guyyaa 13/5/2017 keessaa sa’aatii 11:30tti cufamee guyyaa 14/5/2017 guyyaa keessaa sa’aatii 4:00tti dorgomtooti ykn bakka bu’aati seeraan bakka bu’an fi abbaan qabeenyaas bakka argamanitti Waajirichaatti ifaan banama.
- Caal-baasicha abbaan moo’ate qarshii inni dursa kaffale ykn CPOn qabsiise itti herregameefii gatii ittiin moo’ate guyyaa moo’achuun isaa ibsame irraa eegalee guyyoota 15 (kudha shan) keessatti kaffalee xummuruudhaan qabeenyicha fudhachuu qaba.
- Dorgomtooti gatii meeshicha ittin moo’atan guyyaa 15 (kudha shan) keessatti kaffalee fixuu yoo baate qarshii wabiidhaaf qabsiise waajirichaaf galii ta’ee caal-baasichi ni haqama.
- Waajirichi caal-baasii kanaaf haala mijataa yoo argate gar-tokkeenis ta’ee guutummaa guututti caal-baasicha haquu ni danda’a. ***Waajjira Galiwwanii Damee Magaalaa Jimmaa***

Aadde Assallafach Geetahun Lakk.Kaartaa 4154 tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda Mantiinaa keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee waliigaltee liizii kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Jimmaa

Aadde Fatihaa Masga’allah lakk.Kaartaa hin socoone 0168/2000 tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/Kittoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee waliigaltee liizii kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Jimmaa

Obbo Raayyaa A/Boor lakk.kaartaa lafa duwwaa 0880/99 tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate waliigaltee liizii duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Jimmaa

1.Angowaach Gammachuu H/Manaa, 2. Waasihuun Warquu Ilmoo, 3. Abbush Warquu Ijolllee fi 4.Tasfaanesh Warquu Ijolee abbaan keenya Obbo Warquu Ababaw Alii waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Aggaaroo ganda Waarituu[02] keessatti argamu dhaalaan arganneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo

Shawaa

M/A/Mirgaa Obbo Waganee Getaachoo fi M/A/Idaa 1ffaa Obbo Kamaal Sulxaan A/Majiid, 2ffaa Aadde Abashaa Kadiir Jimaa jidduu falmii himannaa raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti maqaa murtii Abbaa idaa 2ffaatiin lakk. kaartaa. 6060/2000 ta’een galmaa’ee argamu ka’uumsa caalbaasii qarshii 5,400, 354.24 (miliyoona shanii fi kuma dhibba afurii fi dhibba sadiif shantamii afur fi sant. 24/100) gaafa 24/05/2017 ganama sa’aatii 3:00 hanga 6:00tti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf qaamni bitachuu barbaadu iddoo manichi itti argamu Aanaa Hangaatuutti dhiyaatee kabachiisa caalbaasii tilmaama dhiyaate qarshii ¼ CPO qabsiisee caalbaasii moo’achuu yoo baate kan deebi’uuf qabsiisuun caalbaasii dorgomee bitachuu kan dandeessan ta’uu fi beellama gaafa guyyaa 26/05/2017 sa’aatii 8:00 irratti bu’aan ajajaa akka dhiyaatu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Saaraa Joobiraa Indiriis nagahee lakk. isaa 178868 fi kaartaa lakk.isaa S/24962/2002 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni nagahee kana idaadhaanis ta’ee haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Indaalkaachaw Gizaawu nagahee Lakk. isaa 1567461, 0985907, 70656276 fi 0415541 ta’e na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa

eeggale guyyaa 10 keessatti akka deebistan ibsaa, guyyaa jedhame kana keessatti kan hin deebifne yoo ta’e tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Muka Xurrii.

Aadde Adaanach Dabbabaatiif Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Mikiyaas Jamaanash Dannaqaafi himatamtuun isin jidduu falmii jiru ilaalachise himatamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 25/4/2017 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Seefuu Nuuraddiiniif Bakka Jiranitti

Himattuun Aadde Ashaa Mahammadiifi himatamaan isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/4/2017 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan. Mana Murtii Shari’aa Aanaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Abdulfattaa Abdallaatiif Bakka jirtanitti

Himattuun Aadde Madiinaa Ahimadiifi Himatamaan isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/04/2017 sa’aatii 4:30 irratti dhihattanii akka falmattan manni murtii ajajera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Birhaanuu Indaashaw kaartaa lakk. isaa BNMA-3295/98 fi **ኦ/ማ/665/89** maqaa isaaniitiin Magaalaa Amboo ganda Yaa’ii Gadaa keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kaartaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksifan, kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo.

Obbo Kaasaahun Taddasaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyee ykn kaartaa lakk.isaa BoGo/221/2000 ta’e, Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Boolee.

Aadde Xuruwarq Abbabaatiif Bakka Jirtanitti

Iyyattoonni Abbabech Abbabaafi Zannabech

Abbabaa fi waamamtuun isin jidduu falmii sivilii jiru ilaalchisee waamamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/04/2017 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan, hin dhihaanne yoo ta’edhimmi bakka isin hin jiretti ilaalamuun murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Dugdaa

Obbo Gaadisaa Ol’aanaa Buliitiif Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Dhaabbii Lixaafi himatamaan isin jidduu falmii yakka hojii Mootummaa ykn Ummataa haala garmalee gaggeessuu jiru ilaalchisee himatamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 07/05/2017 sa’aatii 4:30 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Beeksisa Caalbaasii

M/A/Mirgaa Addee Itaabazzuu Maqidam fi Murtiin A/Idaa Obbo Zalaalam Takluu giddu Falmii Raawwii jiru ilaalchisee, Qabcenyaa Mana gamoo daldalaa Magaalaa Adaamaa kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhaddachaa Araaraa keessatti bal’inni isaa kaaree meetirii 300(dhibba sadii), ta’e maqaa raawwiin himatamaa Obbo Zalaalam Taakluutiin galmaa’ee argamu ka’ umsi caalbasii qarshii 12,800,000(miliyoona kudha lamaa fi dhibba saddeet) ta’e guyyooa 30(soddomaaf) qileensaa irra erga ooleen boodaa galmooftanii dorgomuudhaan bitachuu namni fedhii qabdan,beeksifni kuni guyyaa 15/04/2017 hanga guyyaa 15/05/2017 tti qilleensarra oolee gaafa guyyaa 16 /05/2017 sa’aatii 4:30 hanga sa’aatii 6:00tti kan gaggeeffamu waan ta’eef ka’uumsa caalbaasií irratti gatii ibsame ¼ cpo’n qabsiisuun bakka qabeenyi itti argamutti Bu/Ma/Adaamaa Aanaa Dhaddachaa Araaraatti waan gaggeeffamuuf guyyaa fi saa’aatii jedhame kanatti qaamaan argamuudhaan bitachuu kan dandeettan ta’ uu M/Murtii A/K/M/Boolee Isin beeksisa. Odeeffannoo Dabalataaf lakk. bilbilaa 0924787044/0921727613

Obbo Badhaanee Galaanaatiif Bakka Jiranitti

Himataan Dhaabbata Inshuraansii Awashiifi himatamaan isin jidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaalachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/05/2017 sa’aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Shaggar

Sirreessaa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Onkolooleessa 28 bara 2017 maxxanfamerratti Shawaa jalatti beeksisa Aadde Daanyaachoo Mokonnin lakk. nagahee 147738 jedhamee kan ba’e dogongora waan ta’eef Obbo Naanyaachoo Mokonnin lakk.nagahee 1497738 jedhamee sirratee haa dubbifaamu

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Sakatta’a seeraafi hojimaataa Manneen Murtii Aadaa Oromiyaa

Adeemsa geggeessa hojii Mana Murtii Aadaa -Kakuu falmitootaa

(Kan darberraa kan itti fufe)

Akka labsii Mana Murtii aadaa Oromiyaa keewwata 29 (1 & 2) jalatti ibsamee jirutti kakuun carraa yeroo lama taasifamuu akka jirudha. Falmiin/dhagahaan iyyataafi deebiisaanii osoo hin fuudhiin dura bu’uura aadaa naannoo sanaatiin ykn amantaa dhuunfaa giddugaleessa godhachuun kan geggeeffamuufi erga falmiin/dhagahaan geggeeffamee booda dhimma ittiin himatame ykn shakkame sana hin raawwanne yoo jedhe kakuu geggeeffamu ta’uu danda’a. Akka jaarsoliin kaasanitti akka aadaa keenyaatti dhimma tokkorratti kakuun yeroo lama akka hin jirreefi kakuun tokko qofaa akka ta’e kaasu. Akkasumas, MMA jalqabaa irratti namni kakatee jiru dhimmichi komiin gara oldabarfataatti yeroo dhiyaatus kaksiiifamaa jira. Akka aadaa naannoo keenyaatti si’a lama kaksiiifamuun kan hin jirre waan ta’eef faallaa aadaa keenyaati jechuun kaasu. Dabalataan, akka jaarsoliin kun jedhanitti akka aadaa keenyaatti himataa osoo hin taane himatamaa qofaa kan taasifamu akka ta’e kaasu. Gama birootiin kanneen lachuu kaksiiisan, himataa haalarratti hundaa’uun kaksiiisaniifi yeroo ragaan dhabame qofaa kaksiiisan kan jiranidha.

Labsiin 240/2013 bahe manneen murtii aadaa naannoo Oromiyaa keessatti hundaa’an hunda irratti raawwatiinsa kan qabudha. Kakuu ilaalchisee keewwanni 29 haaluma walfakkaatuun MMA keessatti hojiirra ooluu qaba jechuudha. Marii jaarsoolii waliin taasifameen akka aadaa Oromooti dhimma tokko osoo hin ilaaliin yookiin deebiifi iyyata osoo hin fuudhiin dura kan taasifamuu qaburra caalaa kakachiisuu osoo hin taane eebbaan akka ta’e kaasu. Walddhabdee tokko ilaaluun dura eebba jaarsolii, abbootii gadaatti eegalamuu kan qabu akka ta’eefi kakuun eegaluun aadaa ummata Oromoo hundaa akka hin taane kaasu. Akkasumas, Godinaalee naannoo Oromiyaa keessa jiran tokko tokko keessatti, keessattuu Boorana, aadaan kakuu yookiin kaksiiisuun murtii kennuu akka hin jirredha. Marii garee jaarsolii kana waliin taasifameen himataafi himatamaan dhimmasaaniitti osoo hin seenamiin dura sirna kakuu raawwachuun, himma itti shake tokko akka kakatuuf gaafachuufi ragooleen jecha ragummaa isaanii osoo hin kenniin dura kaksiiisuun aadaasaanii waliin akka hin deemne kaasu. Akka jaarsoliin kun ibsanitti dhimmoonni jalqaba eebbaan kan eegalaman ta’ee eebbicha irratti dhugaan

dubbataamu akka qabu ibsama. Dhimmoonnis kan qulqullaa’an jecha gareen waldhabe gaaddisa irratti dubbatan qoruuniifi dhugeeffannaa nama dhimmicha beekuun malee kakuun akka hin taane dha. Kakuun aadaa Booranaa keessa akka hin jirre ogeessotni aadaafi Turiizimiis kaasaniiru.

Boorana keessatti ‘... Waaqaa jedhi, lafaa jedhii, ilmoo dhaltee jedhii dhugaa dubbadhu ...’ jedhu malee kakuun tumaa keewwata 29 jalatti ibsamee akka hin jirre kaasaniiru. Walumaagalatti akkataa fedhiifi amantaa waliin haala walsimuu danda’uuniifi sirna kakuu aadaa iddoo MMA itti hundaa’ee yookiin beekamtii argatee jiru haammachuu danda’uun tumaan seeraa taa’uu dhabuurratti hanqina kan jiru ta’uusaa hubachuun ni dand’ama.

-Seera hojiirra oolu

Mootummaan naannichaa aadaalee mirgoota bu’uuraafi namoomaa, dimookiraasiifi Heera Mootummaa hin faallessine akka gabbataniifi guddatan gargaaruuf ittigaafatamummaa akka qabuufi walfalmitoonni dhimmisaanii seera aadaatiin akka ilaalamuuf fedhii qaban bu’uura Heera Mootummaa Naannichaatiin Manneen Murtii Aadaa hundeeffaman yookiin beekamtiin kennameeffitti keessummaa’uu kan danda’an ta’uusaa seensa labsichaarraa hubachuun ni danda’ama.

Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa seera aadaa bu’uureffatanii hojjetan kan hundaa’anii jiran ta’uu labsicha keewwata 5 (1) irraa hubachuun ni danda’ama. Hawaasni naannichaa seera aadaafi duudhaa bu’uureffachuun Waliddaa akka hiikkatu taasisuunkaayyoo MMA keessaa isa tokko akka ta’e keewwata 6 (1) jalatti ibsamee jira. Seerri aadaa ittiin waldiddaan hiikamus seera aadaa bakkaManni Murtii Aadichaa itti hojjetuakka ta’e tumaa keewwata kanaa irraa hubachuun ni danda’ama. Seerotni aadaa kunis qajeeltoowwan faallessuu hin qabne jechuun keewwata 26 (2) jalatti ibsamani jiran bu’uureffachuun hojiirra ooluu kan qabu ta’uun isaa hubatamuu qaba. Akkasumas jaarsoliin murtii yookiin ajaja araaraa kennaniif seera aadaafi sababa murtichaaf bu’uura godhatan ifatti ibsuun murtiin araaraa kenname gaaddisa irratti walddhabdootaaf beeksisamuu akka qabu tumaa keewwata 31(5) irraa hubachuun ni danda’ama. Akka waliigalaatti tumaawwan keewwatoota armaan olii irraa hubachuun kan danda’amu MMA waldiddaaf furmaata yeroo kennamu seera aadaa bu’uureffachuu akka qabuufi jaarsooliinis ajaja ykn murtii kennan

keessatti seera aadaa bu’uura godhataniifi sababa isaa caqasuu akka qabanidha. Tumaa keewwatoota kanaa hojiirra oolchuu irratti hanqinaalee jiran akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Jaarsooliin mana murtii aadaa himannaafi deebii fuudhuun araarsuun yeroo hin danda’amnetti ragaa bitaa fi mirgaa dhaga’uun murtii kennaa jiru. Murtii yeroo kennanis ragaa madaaluun kan murteessaa jiran malee seera aadaa bu’uureffachuun murteessaa kan hin jirre ta’uu abbaan seeraa fi gaaggeessaan dhimmaa afgaaffiin taasifameef ibsanii kan jiranidha. Dhim mootni MMA tiin ilaalamani murtii argatanii jiranis ragaa bitaa fi mirgaan dhiyaatanii jiran dhagahanii madaaluun murtii kennaa kan jiran ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Jaarsooliin dhimmoota isaanitti dhiyaate seera aadaa iddoo MMA itti hundaa’ee jiru irratti hundaa’uun furmaata kennuu osoo qabani seerota mootummaan bahanii yeroo murtii yookiin ajaja kennan ni ul’ata. MMA seera aadaa dhiisuun gara seera bahanii jiranitti luucca’uun akka jiru namootni afgaaffiin taasifameef ni kaasu. Galmeewwan sakatta’amanis yaaduma afgaaffiin ka’ee jiru kana kan cimsanidha. Falmii hojjetaaf hojjechiisaa murtii argatee jiru tokko irratti MMA sadarkaa jalqabaa waliigaltee taasifamee jiru, hojiirra gaggeeffamuu hojjetootaa, dirqama hojjechiisaafi kaffaltii isaanii ilaalchisee labsii lakkoofsa 1156/2011 bu’uureffachuun murtiifi xiinxala taasiseera. Falmii lafa magaalaa waliin walqabatee taasifamee jal-murtiin kennamee jiru tokko irrattis MMA jalqabaa waraqaan waamichaa himatamtuu dhaqqqabee akkasumas beeksisni waamichaa balbala irratti maxxanfamee dhiyaachuu waan diddeef bu’uura s/d/f/h/h keewwata 103tiin mirga falmachuu dhorkamtee bakka hin jirretti falmiin akka itti fufuu jechuun kennamee jira. Falmii dhaalaa MMA tti dhiyaatee murtee argatee jiru tokko irratti ‘... qabiyyeen amma jiru himatamaan heeraafi seera irratti hundaa’uun dhaalltoota dhimmi ilaallatuuf qixxeetti akka qoodamu jechuun murteesseera. Dhim moota armaan olii kana irraa kan hubatamu MMA yeroo dhimmoota ofitti fuudhee keessummeessuun murtii yookiin ajaja kennu seerota aadaa dhiisuun kanneen mootumaan bahan irratti hundaa’aa kan jiru ta’uu isaati.

Qorattoonni: Daagim Oljirraa (LL.B, LL.M)fi Azzanee Indaalammaa (LL.B, LL.M), Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Barmaatilee dubartootaafi daa’immanirra . . .

qopheessaniirratti Abbootiin Gadaa seera barmaatilee kana hambisu tuman.

Hoggantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii Oromiyaa Aadde Mabiraat Baacaa hawaasni duudhaa, safuufi aadaa ganamaatiin yoo hogganame barmaatiilee dubartootaafi daa’immanirratti miidhaa geessisan hambisuu keessatti bu’aa caalu fiduun akka danda’amu waan hubatameef tumaa Abbootii Gadaa Oromoo kanaan miidhaa kana ittisuuf saganticha qopheessuun barbaachise jedhan.

Tumaalee sagantaa kanarraatti lallabaman hojiirra oolchuu keessatti gaheen miseensoota Gumii Abbootii Gadaa murteessaa ta’uu himanii,

sadarkaa hundatti lallabamee hojiirra ooluu akka qabus dubbataniiru.

Hawaasnis miidhaa Dubartootaafi Daa’immanirra ga’u kamiyyuu carraa qabu hundaan saaxiluun haqnisaanii akka mirkana’uuf gahee isaa bahuu akka qabu waamicha dhiyeessaniiru.

Abbaan Gadaa Tuulamaa Goobanaa Hoolaa akka jedhanitti, Oromoon waan mari’aatuufi yaadaan waan waliigaluufi waan mari’aterratti marabbaa taasisaa har’a gahe jedhan. Har’as waan saba mufachiisu, aadmalee, waan ijaafi gurraa hin tolerratti seera muruun sabarraa qolachuun adeemsa duudhaafi safuu ittiin lallabataa har’a gahe murtee Gumii Abootii Gadaan daangeessuuf

tumaan miidhaa dubartootaafi daa’immanirra gahu hambisuurratti xiyyeeffate tumameera jedhan.

Tumaalee kana keessaas, miidhaa dubartootaafi daa’immanirratti xiyyeeffachuun raawwataman dabalatee qaamolee saala wal fakkaataa raawwatanirratti seerri tumame akka fakkeeniyatti kan eeraman ta’uus dubbataniiru. Tumaan kunis Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa hunda hirmachisuun, tumaa Booranaafi Baarentummaarraa lallabame ta’ee ragga’eera.

Sagantaa kanarrattis miseensota Gumii Abbootii Gadaa, Pirezidantiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Obbo Gaazaalii Abbaa Simalfi keessumoonni biroo hirmaataniiru.

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hojiiwwan tajaajila fayyaa haadholiifi daa'immanii Buufata Fayyaa Hoolotaatti

Jijjiiramaan as hawaaasni tajaajila qulqulluu, si'ataa, haqa qabeessaafi qaqqabamaa ta'e akka argatuuf inisheetiivwwan fayyaa garaagaraa bocuun akka biyyaafi naannootti hojiirra oolchaa jira. Kanaanis, yeroo ammaa fooyya'insi gaariin argamaa jira.

Inisheetiivwwan gama fayyaatiin hojiirra oolaa jiran keessaa ammoo inisheetiivonni tajaajila fayyaa haadholiifi daa'immanii guddisuuf hojiirra oolaa jiran keessaa isaan tokkodha. Keessumaa, du'aatii haadha ulfaafi daa'ima yeroo da'umsaatiin walqabatee uumamuu danda'u xiqqeessuuf hojiileen bifa inisheetiiviin qabamanii gama tajaajila fayyaa haadholiifi daa'immaniitiin yeroo ammaa hojjetamaa jiran abdachiisoofi bu'aa gaarii argamsiisaa kan jiranidha.

Biiron Fayyaa Oromiyaas naannichatti tajaajila fayyaa haadholiifi daa'immanii guddisuun du'aatii gama kanaan dhufuu malu xiqqeessuuf inisheetiivwwan fayyaa garaagaraa bocuun xiyyeeffannaa addaatiin hojjechuurratti argama. Keessumaa, haati tokko yeroo daa'imni garaatti ishee haferraa jalqabdee gara buufata fayyaa deemuun tajaajilawwan barbaachisoofi murteessoo ta'an akka argattu taasifamuurratti hojii gaariitu hojjetamaa jira.

Hojiileen gama kanaan hojjetamaa jiranis, du'aatii haadhaafi daa'ima hambisuun cinatti fayyaan haadhaa akka eegaamuufi daa'mni fayyaalessiifi samamuu gabbataa qabu akka dhalatu gochuu keessatti ga'ee guddaa kan qabudha. Tajaajilli kunis, karaa qulqullina qabu, si'ataafi qaqqabamaa ta'een akka kennamu taasifamaa kan jiru yammuu ta'uu,kanarrattis jijjiiramoota gaariin argamaa jiru.

Dhimmuma kanarratti hojiilee Buufata Fayyaa Hoolotaatti tajaajila fayyaa haadholiifi daa'immanii guddisuuf hojjetamaa jiran haadholii buufatichatti tajaajila argachaa jiran, ogeessota tajaajila kana kennaa jiraniifi qaamolee abbummaan hojicha hogganan dubbisuuniifi waan taajjabne qindeessinee fuula hawaasummaa keenya torban kanaatiin isiniif dhiyeessineerra.

Buufanni Fayyaa Hoolotaa yeroo jalqabaaf Akka Lakkoobsa Itoophiyaa bara 1977 buufata fayyaa jedhamee deggersa dhaabbilee alaatiin (Mishinaroota) jedhamaniin ijaaramuun tajaajila kennuu kan eegale akka ta'edha Itti gaafatamaan Waajjira Fayyaa Magaalaa Hoolotaa Obbo Nagaasaa Hirphoon kan himan. Erga hundaa'ee asis hawaasa magaalichaa qofa osoo hin taane haawa baadiyyaa naannoo magaalicharraa dhufaniif tajaajila guddaa kennaa akka tureefi ammas



Haati tajaajila baqaasanii yaaluutiin deesse wayita tajaajila argachaa jirtu

kennaa akka jiru himan.

Buufatni Fayyaa Hoolotaa sadarkaa buufataalee fayyaa eeggee Biiron Fayyaa Oromiyaatiin kan ijaarame waan hintaaneef, kutaaleen hawaasni keessatti tajaajilama ajiru baay'ee dhiphaadha; dallaa kan hin qabneefi mooraan isallee hawataallee akka hin turre dubbatan. Kanaaf, tarkaanfiin fudhatameefi ammas fudhatamaa jiru hojii buufaticha babal'isuu, kenniinsa tajaajilasaa fooyyeessuufi hawataa taasisuuti.

Yeroo ammaa magaalichatti dhaabbileen fayyaa hawaasni itti tajaajilamaa jiru: Keellaawwan fayyaa 8, Buufataalee Fayyaa 2fi hospitaala sadarkaa jalqabaa 1fi hospitaala dhuunfaa waliigalaa 1 yoo ta'an, walumatti dhaabbilee fayyaa 11 ta'antu tajaajila kennaa jiru. Dhaabbilee kanneen hunda keessattiyyuu tajaajilli fayyaa haadholiifi daa'immanii kennaa jiru akka ta'e Obbo Nagaasaa Hirphoon himaniiru. Tataajajilli kun karoora maatiirraa jalqabee hanga yeroo da'umsaan boodaatti yammuu ta'u, karaa qulqullina qabuun akka kennamuuf buufatichi xiyyeeffannaa guddaa kennee hojjechaa kan jiru ta'uus himaniiru.

Buufanni Fayyaa Hoolotaa kun tajaajila haadholiifi daa'immanii dabalatee tajaajilwwan Sadarkaa Buufata Fayyaatti kennaman hundayyuu kennaa jira. Tajaajila kennaa kan jirus humna ogeessota 80tiini. Buufata fayyaa haa jedhamu malee, buufatni kun ummatahedduu magaalicha keessaa jiraatu, magaalota buufatichatti dhihoo ta'aniifi baadiyyaa fageenyarraa

dhufaniif sadarkaasaa olitti tajaajila bal'aa kennaa akka jirudha kan himan. Ta'us, humna muraasa buufatichi qabu, kaka'umsaafi kutannoo ogeessota buufatichaa akkasumas xiyyeeffannaa Bulchiinsi magaalichaa buufata kana fooyyeessuuf qabuufi hirmaannaa abbootii qabeenyaa magaalichaatiin hojiileen gaariin hawaasni itti gammadu hojjetamaa kan jiran ta'uus dubbataniiru.

Akka Obbo Nagaasaan jedhanitti jijjiiraman as keessumaa, bara 2012 inisheetiivii tajaajila baqaqsanii yaaluu Sadarkaa Buufataalee Fayyaatti Biiron Fayyaa Oromiyaa yeroo jalqabaaf buufatichatti waan jalqabsiiseef tajaajila kana caalaatti cimsuun itti fufsiisuuf hojiilee babal'isuufi qulqullinaan kennuurratti ogeessota fayyaa ogummaa kanaan tajaajilan lama dabalataan qaxaruun xiyyeeffannaan hojjetamaa tureera, hojjetamaas jira. Tajaajilli kun asitti erga eegalamee asdhamaatii tajaajilamaa sadarkaa olaanaan xiqqeesseera, du'aatii haadholiifi daa'immanii xiqqeessuu keessattis qoodni gumaachaa jiru salphaa miti.

Tajaajila buufatichi kennaa jiru caalaatti babal'isuu, qulqulluu, si'ataafi hawataa akka ta'u gochuuf hojiin kutaalee yaalaa dabaluu, dallaa buufatichaa ijaaruu hojjetameera. Haaluma kanaan, ummanni tajaajila kanatti gammadaa waan dhufeeff abbootiin qabeenyaa magaalichaa fedhiisaaniin walitti dhufanii qarshii miliyoona 1.3 ta'uun kutaalee dubartoonni tajaajila baqaqsanii yaaluu itti argataniifi erga da'anii booda keessatti tajaajilaman ijaaruun buufatichaaf kennuun yeroo ammaa tajaajila kennaa jiraachuu himan Obbo

Nagaasaan kana malees, buufatichi kana dura dallaa waan hin qabneef qarshii miiliyoona 3 bulchiinsi magaalichaa ramadeen ijaaramee jira.

Mooraa buufatichaa keessa hawwataa taasisuufitajaajila haadholiifi daa'immaniitiif kan ooluBilookii of danda'e moorichuma keessatti addatti qopheessuufis karoorfamuun xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jiraachuullee himaniiru Obbo Nagaasaan. Hanqina ogeessotaa guutuufis kan hojjetamaa jiru ta'uu himaniiru.

Aadde Burtée Hundee jiraattuu Magaalaa Hoolotaa yoo ta'an,buufatichatti tajaajila baqaqsanii yaaluutiin da'anii kutaa kennameefitti tajaajila argachaa osoo jiranii arginee wayita dubbifnetti tajaajilli kennamaaafi jiru gaarii ta'uu himaniiru. Yeroo daa'imni garaatti isaan haferraa jalqabani buufatichattihordoffii taasisaa turuun yeroon itti da'an geenyaan gara buufatichaa deemuun ciniinsuun waan irra turreeftajaajila baqaqsanii yaaluutiin ogeessonni akka isaan deessisandubban.

Obbo Taaddasaa Waaqjiraas jiraataadhuma magaalichaa ta'anii haati warraasaanii tajaajiluma baqaqsanii yaaluutiin deenyaan kunuunsi taasifamaaafi jiraachuu himaniiru. Jalqabumarraa eegalanii buufatichaa hordofamaa turuufi tajaajilahaadha warraasaaniiftaasifameefittibaay'eeakka gammadn himanii; kun cimee itti fufuu akka qabullee dhaamaniiru. Tajaajilli kun Buufatichatti eegalamuunsaa baay'ee akka isaan gammachiise dubbatanii,garuu, kutaaleen dabalataa ijaaramanii tajaajilichi bal'inaan osoo kennamee gaariidha jechuunyaadasaanii kennaaniiru. Baay'ina tajaajilamaarraan kan ka'e dabaree eeggachuuf dirqamaa waan jiruuf mootummaan itti yaadee kutaalee dabalataa qopheessuu qaba jedhanii, buufatichi gara Hospitaalaatti osoo guddateehawwii guddaa qabacahuullee kaasaniiru tajaajilamtoonni dubbifne.

Lammii Kumalaa Buufata Fayyaa Hoolotaatti Ogeessa baqaqsanii yaaluu yoo ta'u, tajaajilli inisheetiivii baqaqsanii yaaluutiikun buufatichatti erga jalqabee hanga yoonaaatti tajaajila akka dubartoota 1982 deessisuundanda'ameera.

Kunis yeroo tokkotti lubbuu haadhaafi daa'ima du'arraa baraaruu waanta'eef waan nama gammachiisuudha jechuun himeera.Inisheetiiviin haaraan dubartoota da'umsarratti danqaman sadarkaa buufataa fayyaatti baqaqsanii yaaluun deessisuu eegalame kun hawaasaaf bu'aa guddaa buusaa jira jedhe.

Gara fuula 3tti



Qonni keenya guutummaan. . .

qamadiin uwwifne sadarkaa adda addaa irratti argama.

Raawwii inisheetivii qamadii boneetiin, fedhii gabaa qamadii heddu barbaadaa ture guutuufi wabii nyaataa foyyessuu cinaatti, dargaggeeyyii hedduuf carraa hojii baldhaa umnee jirra.

Akkasumas, industirii biyya keessaafi alaatiif galtee qamadii qulqullina isaa eeggate dhiyeessuu dandeenyerra.

Sochiin inisheetivii misooma qamadii bonee kun daandii milkaa’inaa qabatus caalmaatti waareessuufi ittifufaa gochuuf sirna taasisuu kan gaaffatudha.

Bu’uuruma kanaan, caasaan keenya dhimmoota sadi irratti gama kanaan akka fuulleffatu yaadachiisun barbaada:

Tokkoffaa, inisheetiviin qamadii bonee idilaa’ee ofiin akka socho’uuf hoggansi giddu-sentuummaa tarsiiima’aa taasisuu qaba, lammaffaa, milkaa’ina karoofa raawwii hanga ammaa jiru dilbii qabnu giddugaleessa kan taasissee waan hintaanef, carraa gama lafaafi bishaanitiin qabnu beekumsaafi tekinoolojiin dabaluun dilbii Oromiyaa gahumsa olaanaan duguugnee akka fayyadamnuuf hoggansi sadarkaan jiru xiyyeeffannoo sochoosuu, sadaffaa, garaagarummaa oomishtummaa bal’aa idil-addunyaa waliin qabnu dhiphisuu irratti ariitiin hojjechuudha.

Kana gochuuf, aadaa hojii baramaafi mala qonna keenyaa hundeerraa cabsuun qonnaa keenya ammayyeessuutu nurra jiraata; makanayizeshiniifi teknooloojii jallisii haaraa bal’inaan madaqsaa deemuun dirqama ta’a.

Kun garaagarummaa oomishtummaa hirdhisaa deemuun fayyadamummaa keenya sadarkaa idil-addunyaatti kan mirkaneessufi cehumsa dhugoomsuuf kan gargaaru ta’a.

Bu’uuruma kanaan, bulchiinsa bishaanii, eegumsa biyyee, tamsa’ina ogummaa, dhiyeessii paampii, sanyii filatamaa, callaa guggistuu, tajaajila eksitenshiniifi ijaarsafi suphaa iskiimota jallisii irratti baldhinaan hojjetamuu qaba.

Walumaagalatti, waggoottan darban gama misooma inisheetivii qamadii Boneetin bu’aalee gaggaarii hawaasa keenya fayyadamoo taasisan umnee jirra.

Xurree milkaa’inaa kana arguu keessatti, gaheen qonnaafi horsiisee bultoota, akkasumas dargaggeeyyii keenya olaanaa ta’uu ragaa bahuun barbaada.

Fuldurattis sabboontota gochaa kan ta’an, qonnaafi horsiisee bultoota, akkasumas dargaggeeyyii keenya waliin galma badhaadhinnaa qabame tokkummaan dhugoomsuu akka dandeenyu amantaa guutuun qabas jedhan Obbo Shimallis.

Guyyaan Waldaalee Hojii Gamtaa 6^{ffaa}. . .

Komishiinii Ejensii Waldaalee Gamtaa Federaalaa Ambaassadar Shifarraa Shigguxee, Pirezidaantii Baankii Waldaa Gamtaa Oromiyaa Obbo Darribee Asfaaw, Daarikteera Olaanaa Ejensii Babal’ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaa Obbo Jamaal Kadir, Hoggantoota Ejensii Waldaalee Hojii Gamtaa Naannooleefi Bilchinsa Magaalaa Finfinnee dabalatee keessummootni, Abbootii Gadaafi qooda fudhattootni garaagaraa argamaniiru.

Guyyaan Waldaalee Hojii Gamtaa kun mata duree ‘‘Qajeelchitoota Egeree hundaa’’ jedhuun kan kabajame yommuu ta’u kaayyoon kabaja guyyaa kanaas gaheen waldaalee hojii gamtaa guddina hawaas-dinagdee biyyaa keessatti qaban beeksisuufi walta’insa sosochii waldaalee hojii gamtaafi qooda fudhattootaa cimsuudha.

Kana malees waldaaleen qajeeltoowwan waldaalee hojii gamtaa kabajuu, bulchinsa gaarii, iftoominaafi ittigaafatamummaa akkasumas wal amantaafi hirmaannaa miseensotaa sadarkaan jiran cimsuufi waltumsuu akka qaban dadammaqsuu akka ta’e Pirezidaantiin Itti Aanaa Waldaalee Hojii Gamtaafi Ittigaafatamaa Damee qonnaa Obbo Yohaannis Hambisaa ibsaniiru.

Baankichi tajaajila faayinaansii kennuun cinaatti, gahumsaafi humna dandeettii waldaalee hojii gamtaafi qonnaan bultootaa cimsuuf leenjiifi gorsa ogummaa sadarka naannoo, godinaa, magaalotaafi aanaaleetti argaman akkasumas qonnaan bultootaaf waggaa arfan darbanitti waldaalee 1,400tti siquufi qonnaan bultoota 13,300 ol baasii qarshii miiliyoona 41 fayyadamoo taasiseera.

Qabeenyi baankichaa qarshii biiliyoona 139fi. . .

walitti bu’insi naannawaa galaana diimaa sochii daldala al ergii, alaa galchiirratti dhiibbaa guddaa uumuu ibsanii, rakkoon nageenya biyya keenya keessatti waggoota muraasaa as tures laayyoo miti jedhan.

Dhiibbaan kunimmoo liqeeffattoonni maallaqa yeroon akka hin deebisne gufuu ta’us, qormaata kana bira taruun gahumsaan haalawwanitti madaquu cimsachuun madaalliiwwan raawwii hojii baankiin yommuu xiinxalamu, gama baankii idileefi kan tajaajila baankii dhalarraa bilisaatiin raawwii faaynaansii olaanaa kan qabu ta’uun isaa eerameera.

Yeroo ammaa baankichi qabeenya waliigalaa qarshii biiliyoona 139fi miiliyoona 700 ol kan qabu yoo ta’u, kaappitaala aksiyoona waliigalaa qarshii biiliyoona 11.18fi kaappitaalli baankichaa qarshii bil.18.1 ta’uu ibsameera.

Akka lakkoofsa Awurooppaatti xumura ji’a Waxabajjiitti maallaqni olkaawwannaa baankichaa qarshii biiliyona 117.15, baay’inni herreega olkaawwannaa qabu miiliyana 13.34, kaappitaala aksiyoona kaffalame biiliyoona 11.16, liqiin kennamee ala jiru qarshii biiliyoona 99.40 gahee jira.

Dameen baankichaa 758 qaqqabuufi kanneen keessaa 43, damee tajaajila dhalaarraa bilisaa 200+ dameelee ismaartiiti.

Baankicha teekinoolojiin ammayyeessuun walqabatee dijitaalawaan bakka bu’oota Kooppeey I-birr daddabarsa miiliyoona 489.5 /daddabarsuu, tajaajila liqii michuun maamila kuma 200tti siquufi qarshii biliyoona 4.3 liqeessuu danda’uu ibsameera.

Dhaqqabummaa faaynaansii mirkaneessuun cinaatti bara bajatichaatti tajaajilawwan dijitaalawwaatiin milkaa’inoota hedduu gonfateera.

Baankichi liqii idilee bara kana kenneen toorawwan kan akka daldala biyya keessaa, daldala alaafi oomisha warshaalee jiraniifi murteessoo ta’aniif dursa kennuun kan utube yommuu ta’u, liqii dijitaalawaa Michuu Intarpiraayzota Maaykiroo Xixiqqaafi Giddugaleessaaf kennuun maamiltoota 110,000f liqii qarshii biiliyoona 4 caalu tamsaasuun, hojiiwwan daldalaa gargaaruun guddina diinagdee biyyaaf gumaacha taasisuun isaa gabaasa kanaan ibsameera.

Gama dhaqqabummaa faaynaansii mirkaneessuutiin baankichi maamiltoota wajjiin hariiroo jabaa uumuu bu’uureffatee, tarsiimoo jijjiiramaa lafa kaa’ate, dijitaalawaa dursuutiin tajaajiloota bu’aa kalaqa teknooloojii, rakkoo hawaasaa furan beeksisuufi babal’isuu irratti cimee hojjachaa jiraachuun ibsameera.

Baankichi yaa’iisaa tibba darbeen filannoo miseensota boordii taasisuun, boordii yeroon hojiisaa xumurame kabajaan gaggeessuun, miseensota boordii haaraa bakka buuseera.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Bushraa Alii

Abbaa warraafi haadha warraa walgannee hin duunu jedhan

Jaan fi Elsi wal-fuudhanii waggaa shantamaaf jaalalaan waliin jiraataniiru. Osoo wal-jallannuu tarii duuti gaaf-tokko dhuftee addaan nu baasti jechuun waa walqabatanii guyyaa tokko du'uu filatan.

Barana ji'a Waxabbjii gara jalqabaa ogeessi fayyaa qoricha kenneefii akka ajjeesu gaafatan. Biyya Nezarlaandi keessatti namni ogeessa fayyaan na ajjeesi jedhee du'uun seera qabeessa. Malli kun "euthanasia" jedhama.


Jaan nama ganna 70 yoo ta'u, isheen ammoo ganna 71 guuttetti. Els rakkoon fayyaa sammuu waa yaadachuu dhabuutin ni rakkatti. Jaan yeroo dargaggummaasaa ispoortii qillee taphataa ture. Garee biyyaalessaa Nezarlaandifis taphateera. Boodarra leenjisa ta'e. Elsi ammoo barsiistuu turte. Ilma tokko malees waliin hin godhanne. Jaan rakkoon fayyaa waan isa mudateef dugasaa waldhaansa baqasanii hodhuun yaalamus itti hin wayyoofne. Hojii dur hojjatus itti fufuu hin dandeenye. Isheen barsiisummaashee hin dhiisne.

Yeroo tokko waa'ee "euthanasia" ykn ogeessa fayyaan du'uu waliin haasa'u. Jaan rakkaa fayyaa waan qabuuf jiraachuu akka hin barbaannee maatii isaatti hima. Yeroo kanaadha lamaansaanituu dhaabbata Nezarlaandis "mirga du'utif falmu" NVVetti makaman.

"Qoricha heddu yoo fudhatte ekeraadhuma fakkaatta. Kanaaf, dhukkubbii koofi kan Els kana dhaabuu qabna natti fakkaata," jechuun du'uu akka filatan hima.

Bara 2018 Elsi hojii barsiisummaa dhaabde. Mallattoo dhibee daayimenshiyaa irratti mul'achuu eegaleera, garuu ogeessa fayyaa bira deemuu hin barbaanne. Boodarra qoratamtee daayimenshiyaa akka qabdu mirkanaa'e.

Rakkoon kun akka hin furamne



erga bartee booda abbaa warraafi ilmashee wajjin waa'ee fedhii ofiin ogeessi fayyaatin du'uu mari'achuu eegalan. Neezarlaandi keessatti namni tokko fedhiisaan du'uu yoo barbaadeffii rakkoo fayyaa sammuu ykn qaamaatin rakkataa jiraachun ogeessa fayyaan kan mirkanaa'e mirga du'uu qaba. Namni du'uuf gaaffii dhiyeesse kamiyyuu doktoroota lamaan dursa ilaalamuu qaba. Ogeessi fayyaa inni lammaffaan qorannoo inni jalqabaa gaggeesse irra deebin ilaalu qaba. Neezarlaandi keessatti bara 2023 qofaatti namoonni 9,068 "euthanasia" ykn deeggarsa ogeessa fayyaan du'aniiru. Du'a biyyattii keessatti mudate keessaa 5% jechuudha.

Kanneen fedhiidhan ogeessa fayyaan du'an keessaa "duo-euthanasia" ykn abbaan warraafi haati warraa kan wal-faana du'an 33 galmaa'era. Jaan fi Elsi doktorri isaanii tole jechuu waan dideef kilinika namoota fedhiin du'uu barbaadan keessummeessu bira deeman.

Abbaan warraafi haati warraa wal-faana du'uu yoo barbaadan, abbaan warraa ykn haati warraa dhiibbaa walirratti gaggeessufi dhiisuu ogeessi fayyaa dursee mirkaneessuu qaba. Dr. Tiyyoo Booyer yuunvarsitiitii Protestant Theological jedhamutti piroofeesara namuusa waldhaansa fayyaa yoo ta'an, Neezarlaanditti namoota muraasa waa'ee fedhiin du'uu morman keessaa tokko.

Keessumaa abbaan warraafi haati warraa wal-faana du'uun sirrii akka hin taane amanu. Ministirri Muummee duraanii Neezarlaandi haadha warraasaanii waliin fedhiidhan barana du'uu akka barbaadan beeksisanii ture.

"Bara darbe 'duo-euthanasia' ykn abbaan warraafi

haati warraa heddu wal-faana du'uusaanii arginee jirra. Namoonni heddu wal-faana du'uu leellisaa jiru," jedhan.

Jaanfi Elsi guyyaa itti waliin du'an eeggataa jiru.

"Amma na gahu jiraadhera. Kana caala danda'ee dhukkuba hin baadhu," jedha Jaan. Elsis taanan wal-qabannee du'uu malee filannoon biraa hin jiru jetti.

Guyyaa doktorri qoricha isaan ajjessuf kennuuf dura Jaan, Elsi, ilmisaanifi ijoolleen ilmaasaanii walitti qabamaniiru. "Aniifi harmeen wal-qabannee gara qarqara bishaanitti baanee takka waliin taphanne.

"Galgala ammoo irbaata osoo nyaannuu imimmaan ijarra na yaa'a ture. Hundi keenyaa irbaata isa dhumaa waliin nyaanna turre," yeroo dhumaaf haadhafi abbaasaa waliin irbaata nyaatee nagaa itti dhaamuu hima ilmisaanii.

Wiixata ganamaan firoonni fi ollaan walitti qabaman. Obbolaan Jaanifi Elsi dhufaniiru.

"Doktaroonni osoo hin dhufin dura sa'aatii lama waliin turre. Waan durii yaadanee waliin taphanne. Muuziqaa dhaggeeffanne. "Sa'aatin dhumaa baay'ee rakkisaa ture," jechuun doktaroonni dhufanii qoricha cimaa dafee isaan ajjeesu akka kennaniif dubbata ilmisaanii.

Jaanifi Elsi qoricha doktaroonni kennaniifin gaafa ALA tti Amajjii 3, 2024 jaalala waggaa shantamaa booda waliin du'an.

BBC: Afaan Oromoo

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Obbo Yishaaq Gazzany mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessatti Kaartaa Lakk.isaa OR001017809010 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Gooroo Damee Kadastaraa.

Obbo Mubaareek Nuuraddiiniitiif
Bakka Jiranitti

Himattuun Aadde Ruuqiyaa Muusammaafi himatamaan isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/04/2017 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Shari’aa Aanaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Dajanee Caalaa Nagahee Lakk. isaa 034666 kan ta’een galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Beeksisa Caalbaasii

Ra/ Himattuun Biraanee Alamuufi Ra/ himatamaan Zinnaa Baqqalaa gidduu falmii jiru ilaalchisee mana jireenyaa 176.56 KM² Magaalaa Diilallaa ganda 01 keessatti qabeenya argamu tahee gatii qarshii 500,000 (kuma dhibba shan) baasu beellama guyyaa 05/05/2017 waaree dura sa’aa 4:00-6:00tti gatii olaanaa argameen ni gurgurama. Kanaafuu namoonni caalbaasii kana irratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aa ibsametti qaamaan dhiyaattanii bitachuu kan dandahan tahuu M/Murtii Aanaa Walisoo beeksiseera.

1^{ffaa} Waldaa IMX Mihiratiifi
Elsabeetiif
2^{ffaa} Obbo Yoonaas Dimbiruutiif
Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Qananii Taammanaa fi himatamtoonni isin jidduu falmii siivilii wal-galtee qarshii jiru ilaalchisee himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 25/04/2017 sa’aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/K/M/Luugoo

1^{ffaa} Tasfaayee ykn Machaala
Tamasgeeniif
2^{ffaa} Obbo Muluneeh Laggasaatiif
3^{ffaa} Abdiisaa Shifarraatiif
4^{ffaa} Obbo Mubaarak Muzayyaniif
5^{ffaa} Obbo Muussaa Huneetiif
6^{ffaa} Obo Gannaa Jamaaliif

7^{ffaa} Obbo Adaanee Tarruutiif
Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Yakkoota Malaamaltummaa Magaalaa Adaamaa fi himatamtoonni isin jidduu falmii waa’ee malaamaltummaajiru ilaalchisee himatamtoonni mana murtii kanatti yakka malaamaltummaa raawwachuutiin himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/05/2017 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan, hin dhihaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Gaaddisaa Dachaasaatiif
Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Magaalaa Adaamaafi himatamaa isin jidduu falmii yakka ajjeechaa lubbuu jiru ilaalchisee himatamaan mana murtii kanatti yakka ajjeechaa lubbuu raawwachuutiin himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 09/05/2017 sa’aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ,hin dhihaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Nabiyaat Taaggasaa
Taakkisootiif
Bakka Jirtanitti

Ol’iyyataan Abbaa Alangaa Magaalaa Adaamaafi deebii kenna isin jidduu falmii yakkaa waa’ee miidhaa qaamaa ilaalchisee deebii kennaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/04/2017 sa’aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan, kan hin dhihaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Siraaj Muktaar kaartaan lafaa Magaalaa Bishooftuu Aanaa Arsadii keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 18/1 ta’ee maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef dhaaltoonni isaanii nu jalaa badeera jechuun iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni idaadhaan ykn dhimma biraatiin qabdheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyaa 20 keessatti akka deebisuufi qaamaan dhiyaatee akka beeksisu, ta’uu baannan abbaa dhimmaatiif galmee haaraa bannee kan keessumeessinuufi tajaajila hunda kan kenninu ta’uu beeksifna . Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Calalaaqaa.

Aadde Baqqalach Baqqalaa nagahee lakk.1501051 ta’e, lakk galmee B-1790 ta’een galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Asiraat Nuurgaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kennameef Nagahee duraa Lakk. isaa 165143 kan ta’e maqaa Obbo Hayiluu

Araggaayiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli isaa waan jalaa badeef,namni nagahee kana argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti tilmaamamee footoo koppii orjinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan

Obbo Habtee Hundee Nagahee mirriitii Lakk. isaa 032477 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Mangistuu Alamaayahuu Nahagee Lakk. isaa 989805 fi Lakk.Galmee M-870 kan ta’e galmaa’ee naaf kennamenajalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tasfaayee Laggasaa Nahagee Lakk.isaa 806478 fi Lakk.Galmee T-589 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Almaaz Abbabaa Amdee Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Calalaaqaa Aanaa Arsadee Lakk.Kaartaa 4/2/2 tajaajila mana jireenyaatiin bali’ina lafa 600M² kan ta’e kaartaan waan jalaa badeef kaartaan lamaffaa akka kennamuuf waan nu gaafataniif,kartaa kana qaamni idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabate yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 21 keessatti akka deebisuu fi qaamaan dhiyaate akka ibsu beeksisaa, kun ta’uu baannan Wajjira Lafa Magaalaa Bishooftuutti kaartaa yeroo lamaffaaf maqaa nama armaan olitiif kennuuf kan dirqamnu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu.

Obbo Birhaanee Gabruutiif
B/J

Himataan Dhabbataa Inshuunsii Itoophiyaafi Himatamaan isiin jidduu kan jiru falmii sivillii ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan qabattanii beellama gaafa 05/05/2017sa’atii 9:00 irratti akka dhiyattan yoo kan hin dhiyanne ta’ee mirgi deebii dhiyeefachuu keessaan bira darbamee bakka isiin hin jirreetti falmiin itti fufee kan murta’uu ta’uu akka beektan manni murtii ajajeera. M/M/Ol/Magaalaa Adaamaa

Obbo Zakkaariyaa Mahaammadiif
Bakka jirtanitti

Mana qopheessaa magaalaa Sabbataa duraaniirraa Kaartaa abbaa qabeenyummaa Lakk. **ሰ.134/74** kan ta’e fudhachuun keessan ni yaadatama. Haatahu malee bu’uura murtii mana murtii federaalaa sadarkaa duraa **የኮ/መ/ቁ. 309052** gaafa 8/2/2016 kannamee tureen kaartaa kana guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataati qaamaan dhiyaattanii akka deebistan,kan hin dhiyeessine yoo tahe kaartichi haqamee qaama biroo tajaajila gaafachaa jiruuf bakka bu’ee kan kennamu ta’uu isaa isin beeksisna, Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataati

Murtii abbaa mirgaa Kabbabush Daadhiifi M/A Idaa Naggasaa Warqiyyee jidduu falmii siivilii jiruuf ajaja gaafa 30/3/2017 kennamee tureen caalbaasiin gurgurtaa qabeenyaa Gaazexaa Kallcha Oromiyaa Mudde 3/2017 maxxanfame irratti bahuun isaa ni yaadatama. Haatahu malee, bu’uura ajaja gaafa 18/4/2017 kennameen ajajni biraa amma kennamutti caalbaasichi akka hin raawwatamne manni murtii Awaas ajajeera. Mana murtii Ol’aanaa Godina Shawaa kibba Lixaatti manni murtii Aanaa Sabbataa Awaas

Obbo Umar Gaarrihuu waraqaan ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa mana jireenyaa magaalaa Shanoo keessatti argamuu lakk.isaa 5/2001 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Namni waraqaa ragaa kana sababa adda adddaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessaatti yoo hin dhiyeessine kaartaan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/M/ Shanoo

Obbo Bilisummaa Tolasaatiif
Bakka jirtanitti

Himattuun Aadde Eelsaabeet Katamaa fi himatamaan isin gidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 24/04/2017 sa’aatii 3:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan, yoo dhiyaachuu baattan bakka isin hin jirretti falmiinn kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/A/K/M/Boolee

SHAWAA

Aadde Boontuu Saamsoniif
Obbo Roobeeraa Saamsoniitiif
Obbo Beekii Saamsoniitiif
Aadde Birhaanee Saamsoniitiif
Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Saamsoon Jifaaraafi himatamtoonni isin jidduu falmii dhimma dhaaltummaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/04/2017 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan, hin dhihaanne yoo ta’e dhimmi keessan bakka isin hin jirretti falmiin itti fufee kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Amboo

Abaaboo Hayiluutiif
Faanoosee /Fanoosii Hayiluutiif
Dassuu Hayiluutiif
Bakka Jirtanitti

Himatoonni Kadijjaa Ibraahim faa N-7 fi himatamtoonni isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/4/2017 sa’aatii 8:30 irratti dhihaattanii akka falmattan, hin dhihaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Almaaz Hirphaatiif
Bakka jirtanitti

Himattoonni Biraanuu Miindaayee faa N-2 fi himatamtoota Koorporeeshinii Bulchiinsa Idaa fi Qabeenyaa N-5 gidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaalchisee waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 05/05/2017 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Shaggar.

Dh/Gaarmantii Tootoo I/G/M tiif
Bakka jirtanitti

Himattuun Firewot Bililiny fi himataan isiin jidduu falmii siivilii jiru ilaalachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 25/04/17sa’atii 3:35 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/ Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Dachaasaa Mulgeetaaf
Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Burtukaan Shifarawiifi himatamataa isin jidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee himatamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektani beellama gaafa 01/05/2017 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan,hin dhihaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Lumee

WALLAGGA

Aadde Nagaashee Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Dambii doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.kaartaasaa 16473/ WL/16 ta’e ,ballina M² 300 irratti argamu mucaa isaanii kan taate Aadde Dirribee Mokonnoniif waan kennaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

Sirreessaa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Muddee 3 bara 2017 maxxanfamerratti Wallaggaa jalatti beeksisa haadha warraa du’aa Obbo Raggaasaa Gaangilaa kan ta’an Aadde Dastaa Gabbisaa beeksifatan keessatti ganda biiftuu jedhamee kan ba’e dogongora waan ta’eef yaabaloo jedhamee sirratee haa dubbifaamu.

Bakka bu’aa Obbo Fissahaa Tasfaayee fi Aadde Sintaayyoo Tulluu kan tahan Obbo Fiqiruu Fissahaa kan jedhaman mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Doolloo keessatti bal’ina M²200 argamu lakk.kaartaasaa 14248/ WBIFLM/11 ta’e kaartaan orjinaalli harkaa isaanii jiru najalaa badeera jechuun iyyataniiru .kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

Obbo Taammanee Tottoobaa mana dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa P-0195, lakk.kaartaasaa 0140WMQMQK2017 kan ta’e Obbo Yaared Taammaneetti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WLM Magaalaa Qilxuu kaarraa

Obbo Ibsaa Jeenoo Ambaraas mana dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa P-1381, lakk.kaartaasaa 0130WMQMQK2017 kan ta’e Obbo Biyyanaa Fiqaduutti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WLM Magaalaa Qilxuu kaarraa

Aadde Tirfee Irraanaa mana magaalaa Dabbassoo ganda 02 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 180 irratti argamu Obbo Gaaddisaa Dafaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta’e maqaa kan naanneessinuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

Aadde Taarikee Tazarraa mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 3325/2017 ta’e bali’ina M² 300 irratti argamu dabarsanii Aadde Simalee Tazarraatiif kennuu waan barbaadaniif Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhihaanne mana jedhame abbaan qabeenyichaa kan kennuu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Eeliyaas Tashoomee mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda __ keessatti bal’ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK01/470/201 ta’e Obbo Yooseef Fiqaduu Hundeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Gammachiis Biraanuu mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 200 ta’e , lakk. kaartaasaa 01/2441/2015 kan ta’e Obbo Hambisaa Oljiraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/M/Gimbii



Aadde Ayyaantuu Taammanee mana dhuunfaasaanii tajaajila mana jireenyaaf kan oolu magaalaa G/Dafinoo Ganda 01 keessatti ballina M² 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 284/4/2017 ta’e Obbo Gammadaa Sanbataatiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 kessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

Obbo Gammadaa Sanbataa Qannoo mana dhuunfaasaanii tajaajila mana jireenyaaf kan oolu magaalaa G/Dafinoo Ganda 01 keessatti ballina M² 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 225/BLM/2016 ta’e, Aadde Ayyaantuu Taammanee Kabbadeetiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 kessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo.

Aadde Waaqedhee Guddinaa mana dhuunfaasaanii tajaajila mana jireenyaaf kan oolu magaalaa G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina M² 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 267/BFLM/2017 ta’e Obbo Isqeel Indaaluu Ciibsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 kessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

Aadde Xaayituu Guutamaa Mana Magaalaa Siree Ganda 02 keessatti ballina M² 250 irratti argamu lakk. kaartaa isaa 2986/2017 ta’e Obbo Seeyid Mohammeditti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu,yoo hin dhihaanne maqaan gara bitataatti kan raawwatuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Siree

Obbo Toleeraa Dhalataa qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana magaalaa Yuubdoo ganda 02 keessatti argamu ballina M² 200 keessaa ballina M² 56 ta’e Waaqtolaa Iddoosaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta’e gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Misooma Mag/Fi Mana/ Qoph/ M/ Yuubdoo

Iyyataan Obbo Darajjee Asmareefaa kan jedhaman jiraataa magaalaa Naqamtee kutaa Bakkaniisa Qassee keessaa mana daldalaa Lakk. Kaartaa 944/KW/96 ta’e Orijinaalli isaa waan jalaa badeef dhaabbanni ykn namni dhuunfaan kaartaa mana daldalaa kana argee of harkaa qabu jiraatee kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Maatiwoos Taaddasaa mana Magaalaa W/Jirruu Ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 786 ta’e, lakk.kaartaasaa 606/WLMWJ/2017 kan ta’e ballina M² 201 irratti argamu Aadde Guddattuu Ashanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Aadde Tsiggee Balaay mana jireenyaa lakk. kaartaa 1008/BMB/2017 ta’ee magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti bal’ina M² 200 irratti argamu Obbo Taarikuu Dinqaafi Aadde Maartaa Bokaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Ijjigaayyoo Biraanuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti bal’ina M² 200 irratti argamu lakk. kaartaa isaa 02/788/2012 ta’e Obbo Tamasgeen Shifarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Taammanaa Miijanaa mana magaalaa Warra Jirruu ganda 02 keessatti bal’ina M² 200 irratti argamu lakk. isaa 2685, lakk. kaartaa isaa 607/WLMWJ /2017 kan ta’e Obbo Lalisaa Shifarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Aadde Balaayinash Baaruu mana magaalaa Warra Jirruu ganda 01 keessatti bal’ina M²200 irratti argamu lakk. isaa 1178, lakk. kaartaa isaa 552/WLMWJ/2016 kan ta’e Obbo Habtaamuu Baaruutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Obbo Beekumaa Addisuu mana magaalaa Warra Jirruu ganda 02 keessatti bal’ina M² 200 irratti argamu lakk.isaa 2686, lakk. kaartaa isaa 609/WLMWJ/2017 kan ta’e Aadde Dinqinash Bakareetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Obbo Tsaggaayee Biraanuu mana magaalaa Warra Jirruu ganda 02 keessatti bal’ina M² 200 irratti argamu lakk. isaa 131, lakk. kaartaa isaa 598/WLMWJ /2017 kan ta’e Obbo Baacaa Biyyanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Obbo Girmaa Mulugeeta, Pheexiroos Mulugeetaa, Saabaa Mulugeetaa fi Meeroon Muluugeetaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 02/2714/2015 ta’e ballinni isaa 500M² irratti argamu Obbo Firoomsaa Taammiruutti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Ximqataa Indaaluu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessaatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.Haaraa --- --- Lakk.kaartaa 6149/2017 ta’e Obbo Mangistuu Moosisaatti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Dafaa Biraasaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessaatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.mana Haaraa ----- Lakk.kaartaa 1060/2007 ta’e Obbo Waanaa Dabalaatti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Ayimaanot Saaqqataa Beebee mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessaatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.mana Haaraa --- --- Lakk.kaartaa 5551/2016 ta’e Obbo Lalisaa Qumburi Ayyaanaatti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Mangistuu Dafaa dhaaltummaa Abbaa fi Hadhaa isaanii karaa Mana Murtii Aanaa Najjootiin waan mirkaneeffataniif mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk. mana Haaraa ----- Lakk.kaartaa 5009/2016 ta’e maqaa Aadde Dassituu Hundeesssaan Caalteetiin galmaa’e jiru garaa maqaa kootitti naaf haa jijjiramu jechuun gaafate jira. kanaafuu jijjiirraa maqaa osoo hin rawwatiin dura,kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Biqilaa Ittaanaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessaatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.mana Haaraa ----- Lakk.kaartaa 5814/2017 ta’e Obbo Abarraa Gurraachootti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Yonaas Tasfaayee Qana’aa mana Magaalaa Ayiraa ganda 01 keessaa qaban Lakk.manaa 0182/2013 ta’e kaartaa 633/ WBIFLMA Lammii Yasee Guutaatti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa.

Obbo Darajjee Hambaayee mana lakk. isaa 0244/04 Magaalaa Ayiraa ganda 01 keessaa qaban kaartaa ----- Obbo Dinqaa Gaaddisaatti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa.

Obbo Alamuu Taaddagee mana lakk.isaa 05526/2017 Magaalaa Ayiraa ganda 02 keessaa qaban kaartaa ----- ta’e Obbo Addaamuu Bantiitti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa.

Aadde Yaadatee Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaa isaa 1003/BMB/2017 ta’e bal’inni isaa 400 KM² Obbo Mitikkuu Dhibbisaa fi Aadde Zannabuu Jaallataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Bakka bu’aa Obbo Waldee Tolaa Tasammaa kan ta’an Obbo Misgaanuu Tasfaa Dabalaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 15905/WL/15 ta’e bali’ina lafaa 200M² ta’e irratti maqaa Obbo Waldee Tolaa Tasammaatiin galmaa’ee kan beekamu gara maqaa Obbo Misgaanuu Tasfaatti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/ Dolloo.

Bakka bu’aa Aadde Maammitee Yohaannis kan ta’anObboAbdurrazaqMahaabubkanjedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7551/WMMLM/09 ta’e bali’ina lafaa 250M² ta’e irratti kan argamu bakka bu’insa qabuun gara maqaa Obbo Abdurrazaaq Mahaabub Mohaammaditti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka buutuu Obbo Mokonnon Luulluu Zawudee, Aadde Furnoo Luulluu Zawudee kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa WLENMDD/4322/03 ta’e bali’ina lafaa 297M² ta’e irratti maqaa Obbo Mokonnon Luulluu Zaqudeetiin galmaa’ee jiru bakka bu’insa qabaniin gara maqaa Aadde Furnoo Luulluu Zawudeetti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Gammachuu Qixxeessaa Shorroo fi Aadde Mootuu Cawwaaqaa kan ta’an Obbo Alamaayyoo Asaffaa Disaasaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 16475/WL/2016 ta’e bali’ina lafaa 200M² ta’e irratti maqaa Obbo Gammachuu Qixxeessaa Shorrootiin galmaa’ee jiru bakka bu’insa qabaniin gara maqaa Obbo Alamaayyoo Asaffaa Disaasaatti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Dolloo

Bakka bu’aa Obbo Xilahuun Tolaa Gamteessaa fi Aadde Araggaash Diinagdee Aagaa kan ta’an Obbo Ibsaa Tasfaayee Dingataa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 13093/WBIFLM/2013 ta’e bali’ina lafaa 200M² ta’e irratti maqaa Obbo Xilahuun Tolaa Gamteessaatiin galmaa’ee beekamu Obbo Tasfaayee Dingataa Moosaatti gurguranii Maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Dolloo

Bakka bu’aa Aadde Almaaz Mul’ataa Waatoo kan ta’an Obbo Taarikuu Taaffasee Dammaqsa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5439/WHGMDD/2005 ta’e bali’ina lafaa 294M² ta’e irratti maqaa Aadde Almaaz Mul’ataa Waatootiin galmaa’ee beekamu Obbo Taarikuu Taaffasaatti gurguranii Maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/ Dolloo

Aadde Moominaa Hasan Ibrahim mana daldalaa Magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.mana Haaraa ----- Lakk.kaartaa 1981/2009 ta’e Obbo Malkaamuu Lammeessaa Galataatti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Magaarsaa Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.manaa duriin ----- Lakk.mana Haaraa --- --- Lakk.kaartaa 2418/2010 ta’e Obbo Kibiruu Ayyelewuutti gurgurachuu waan barbadaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Tashoomaa Guuttataa Boonsaa ragaan mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 03 keessaa qabu hundi isaa waan na jalaa badeef bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu Namni arge ykn sababa addaa addaatiin harkatti kan qabte yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Massaalee Nigaatuu fi Birrituu Gobaanaa mana jireenyaa Lakk.isaa ---- Bulchiinsa Magaalaa Ulaa Baabuu ganda 01 keessatti argamu Caalii Buzunaa fi Galaanaa Dhibbisaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksini kun bahee guyyaa kudhan (10) keessatti haa dhiyaatu.W/Mgt/Lafaa Bul/Mag/Ulaa Baabuu

Aadde Dammaquu Dalasaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 983/BMB/017 fi bal’inni isaa 250M² ta’e Obbo Maatiwoos Marshaa

Taaddaseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Bubbee.

Aadde Hiruut Tagany mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 01 keessaa qaban Lakk.isaa 1335 Lakk.kaartaa 1792/2017 kan ta’e Obbo Baqqalaa Taayyeetti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.

Beeksisa Caalbaasii

RaawwiiHimataaBaankiiMisoomaaItoophiyaa fi Raawwii himatamtoota 1ffaa Taammiraat Addunyaa 2ffaa AlamituuWaaqwayyaa jidduu falmii rawwachiisa murtii jiru ilaalchisee qabeenyaa rawwii himatamtootaa kan ta’e Go/W/bahaa/A/W/Tuqaa ganda guutee baadiyyaa keessatti kan argamu qabeenyi garagaraa argamu fi manni kuusaa bifaa fi hanga adda addaa qabu mana kuusaa xiqqaa,kuusaa giddu galeessa,mana kuusaa guddaa,mana jireenyaa/biiroo fakkaatu,dallaa fi mana meeshaan keessa ka’amu jedhamee tilamaama waliigalaa qarshii 30,149,064.49 (Miliyoona Soddomaa fi kuma dhibba tokko fi kuma afurtamii sagalii fi jaatamii afurii fi saantima 49 guyyaa gaafa 19/05/2017 w/dura sa’aatii 3:00-6:00 irratti caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni Dorgomuun bitachuu barbaaddan 1/4ffaa hanga ittiin dorgomtanii CPO qabsiistanii qaamaan bakka qabeenyi kun argamutti dhiyaachuun dorgomuun bitaachuu dandeessu.MMWO Dh/DH/Lixaa Naqamtee

Obbo Taammiruu Kabbadaa Jiraa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessaatti aramu Lak.mana Haaraa---- Lakk.mana durii ---- Lakk.Kaartaa isaa 5797/2017 kan ta’e Obbo Fiqiruu Tamasgeen Ciibsaatti gurgurachuu waan barbadaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Obbo Tashoomee Guttataa Boonsaa ragaan mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda 03 keessaa qabu hund na duraa waan badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni raagaa kana arge ykn sababa adda addaatiin harkatti qabate yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessitan,kan hin dhiyyaanne yoo ta’e haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

Shawaa

Obbo Dhaabaa Badhaadhaatiif Bakka jirtanitti

Himataan Bokii Mul’ataa fi himatamaan isin gidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 01/05/2017 sa’aatii 4:15 irratti dhiyaattanii akka falmattta, yoo hin dhiyyaanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Ada’aa Bargaa





Ispoortii



Atileetotaafi taphattoota kubbaa miilaa ciccimoo horachuuf hojjetamaa jira

Biiron Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa dameewwan ispoortii xiyyeeffannaa olaanaa kenneefii irratti hojjechaa jiru keessaa Atileetiksiiniifi kubbaan miilaa isaan ijoodha. Biirichi rakkoo gurmaa'iinsa ispoortii naannichaan walqabatee cabiinsa ispoortii naannichaa ture daandamachiisuuf hojiiwwan bal'aa hojjechuurratti argama.

Kana milkeessuufis dameewwan ispoortii naannichaa garaagaraarratti qorannoo bal'aa geggeessee rakkoolee jiran adda baasuun gurmaa'insi ispoortii naannichaa irra deebiin akka ijaaramu taasisuuniifi hanqinoota jiranis guutuun Oromiyaan ispoortiidhaan kabaja isheef malu akka argattuuf xiyyeeffannaa guddaadhaan hojjechaa jiraachuu Hogganaan Biirichaa Obbo Maatiwoos Sobbooqaan kan himan.

Keessaayyuu, damee ispoortii atileetiksiifi kubbaa miilaatiin guutuu Oromiyaarraa guddattoota ispoortessitoota ciccimoo kennaa addaa qaban dorgomsiisee filachuun Giddu galoota Leenjii Ispoortii garaagaraatti leenjisuun jalqabee jira.

Dacheen Oromiyaa Roomitti miila qullaa figuun yeroo jalqabaaf Itoophiyaa addunyaatti kan waamsise Atileet Abbabaa Biqilaarraa jalqabee hanga atileetii olguddattuu taateefi tibba darbe atileetii cimtuu jedhamuun bara 2024 taatee filatamuun badhaafamte Atileet Almaaz Ayyaanaatti Atileetota hedduu biqilchiteetti.

Har'as taanaan haala duraan baratameen Itoophiyaan olaantummaa dhabdus biyyattiitti kabaja horaa kan jiran atileetota Oromooti. Ta'us, atileetota egeree Oromiyaafi Itoophiyaa itti fufiinsaan bakka bu'an horachuun ammoo dhimma xiyyeeffannaa barbaadu ta'eera. Keessumaa, atileetota ol adeemoorratti hojjechuu dhabuufi dameen ispoortii kun naamusa isaaf malu qabatee akka deemu taasisuurratti hamma barbaadamu xiyyeeffatamee hojjetamuu dhabuun Oromiyaanis ta'e biyyattiin damee kanaan sadarkaa eegamuun kabaja isheef malurraa

gadi bu'aa deemuun Waltajjiwwan dorgommii atileetiksii addnuyaarratti ifatti mul'atee jira.

Kun furmaata argatee biyyaattiin kabajashee jalqabaatti akka deebituuf ogeeyyiin ispoortii qaamoleen hawaasaa garaagaraa jaalala ispoortii biyyasaaniif qabanirraa ka'uun yaada yeroo kennan bal'inaan mul'ateera. Keessumaa dorgommii Olompikii 2024 Firaansi Paarisitti yeroo darbe geggeeffamerratti kufaatiin biyyattii mudate hawaasa bal'aafi jaallattoota damee kanaa hedduu kan mufachiise akka ture ni yaadatama.

Kanaaf, Biiron Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaas kanuma hubachuun Oromiyaanis ta'e biyyattiin damee ispoortii kanaan kabaja isheef malutti akka deebituuf rifoormii bal'aa geggeessuun hojiiwwan gurguddoo hojjechuurratti argama. Hojiilee hojjetamaa jiran keessaas, inni jalqabaa gurmaa'insa ispoortii naannichaa cimsuufi Leenjii guddattoota atileetiksiirratti hojjechuun isa ijoodha. Kubbaa miilaatiinis ta'e dameewwan ispoortii birootiinis ispoortessitoota egeree horachuuf xiyyeeffannaan kennameera.

Hogganaan Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiwoos Sobbooqaan ispoortii naannichaa cimsuuf rakkoolee gurmaa'insaa guddina ispoortii naannichaa quucarsaa turan qorannoon adda baasuufi hanqinoota jiran guutuun Oromiyaan ispoortiiin kabajaa isheef malutti akka deebituuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jira jedhan. Keessumaa, abbootii qabeenyaafi hawaasa hirmaachisuun ispoortiiin bu'uura hawaasaa qabaatee akka deemuuf Piroojektii guddattoota ispoortiiirratti karaa adda ta'een hojjetamaa jiraachuu himan.

Waa'eedhuma kanaarratti hojiilee naannichatti hojjetamaa jiranirratti Dorgommiin Ga'umsa Madaallii Leenjii Giddu Galeessotaa Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluutti geggeeffamerratti Itti Gaafatamaa Waajjira Atileetiksii



Oromiyaa Obbo Shimallis Daawit dubbisuun fuula ispoortii keenya turban kanaatiin haala armaan gadiitiin qindeessinee isiniif dhiyeessineerra. Bara 2016 darbe keessatti facaatiin leenjii guddattootaafi ulaagaan filannoo leenjistootaafi fo'annaa atileetotaarratti rakkoolee turan ta'uu himaniiru. Kanaaf, bara kana dambiifi qajeelfamni qophaa'ee furmaata akka argatuuf hojjetamaa jira.

Gama biraan guddattoota iuspoortii atileetota leenjisuuf ga'umsa ispoortiiirratti qaban adda baasuurrattis hanqinni kan ture yammuu ta'u, bara kana rakkoo kana furuuf ogeessota kana adda baasaniif leenjiin leenjitoota kennameera. Kunis, atileetota ciccimoo egeree naannoofi biyyaa ta'an horachuuf leenjii guddattootaarratti hojjechuun murteessaa waan ta'eefi jedhan. Akka Obbo Shimallis jedhanitti bara darbe Naannoo Oromiyaatti leenjii guddaattoota 34 qofatu ture. Isaanii facaatiisaanii kan hin eebne, atileetota ga'umsa qaban filachuurratti hanqina bal'aa akka qabu ba'eera jedhan.

Kanaaf, ogeeyyiin leenjii leenjitoota fudhatan ispoortessitoota atileetiksii ga'umsa olaanaa qaban akka adda baasaniif ulaagaan ba'ee dambiifi qajeelfamnis qophaa'uun hanga sadarkaa gadiitti leenjiin irratti kennameera jedhan. Sagantaa Leenjii Guddaattoota kun yeroo ammaa 34 qofa kan ture 60tti guddachuu danda'eera. Kunis, leenjitoonni umuriisaanii dabalatee atileetonni guddattoota akkaataa ulaagaalee ba'aniitiin filatamuun akkasumas Leenjistoonni ga'umsa cimaa qabanis failatamuun Giddu Gala Leenjii naannichaa seenanii leenjii saayinsii Ispoortii shaakalaa ga'umsa qabu akka kennan taasifamaa jira. Galmi kun akka milkaa'uufis hordoffiifi deggersi barbaachisu itti fufiinsaan taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Kana malees, Sagantaan Leenjii Guddattoota Mana mariitiin

deggeramu 46 hundeessuun akkaataa ulaagaaba'eetiinatileetonnicalamani akka leenji'an taasisuun Manni Marii ispoortii naannichaa sadarkaan jiranis akka dggeran taasifamaa jiraachuu dubbatabniiru. Namoonni dhuunfaanis misooma ispoortii atileetiksii keessa galuun Garee Sagantaa Leenjii Guddattoota 6 hundeessuun danda'ameera. Akka waliigalaatti Sadarkaa Naannoo, biyyooleessaa, Mana Mariifi Nama dhuunfaatiin deggeraman dabalatee yeroo ammaa Naannichatti Sagantaa Leenjii Guddattoota 120 hundeessuun akka danda'ame himaniiru Obbo Shimallis. Kanuma bu'uura godhachuun Guddu Gala Leenjii Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluu, Boqojjiifi Booreetti atileetota 1200 ol ta'an ogeessotaan calalamuun yeroo ammaa leenjiin kennamuufii eegalee jira.

Atileetonni kunneen ji'oota lamaaf walakkaaf erga leenji'anii booda haala kana dura hin baratamneen iddoo tokkotti dhufanii gosa ispoortii Atileetiksiifi Kubbaa miilaatiin Madaalliin Ga'umsaa marsaa jalqabaatiin guyyoota sadi'iif Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluutti tibbana adeemsifamee jira. Dorgommii guyyoota sad'iif geggeeffame kanaanis, ispoortessitoota gidduutti miirri dorgommii cimaan akka tureefi leenjiin kennamaa jiru qabatamaan bu'aa fiduu jalqaabuunsaa ilaalameera jedhan. Atileetota ciccimoo Oromiyaafi biyyaa bakka bu'an horachuuf hojii sirriin amma jalqabamuus dorgommicharraa ifatti argameera.

Ispoortii kubbaa miilaatiinis ammuurraan eegalee ispoortessitoonni 112 Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Daraartuu Tulluufi Akkaadaamii Leenjii Amboo Gool seenanii akka leenji'an taasifamaa jiraachuu dubbatabniiru. Kanaanis, Piroojektiin kubbaa miilaa yeroo amma gara 40tti akka guddate ibsameera.

